

XIINXALA LAGUU FI BAKKA BUUSA ISAA
XIYYEEFFANNOON: GODINA ARSII AANAA GUNAATTI.

QORATAAN: NUURADDIIN KADIIR BADHAASOOTIIN

WARAQAA QORANNOO DIGRII LAMMAFFAA (MA)
GAMISAAN GUUTTACHUUF QOPHAA'E

MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFII FOOKLOORII
KOLLEEJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANOTAA,
JORNAALIZIMIIF QUNNAMTII
YUUNIVARSIIITII FINFINNEE

AMAJJII, 2014/2021

FINFINNEE

XIINXALA LAGUU FI BAKKA BUUSA ISAA
XIYYEEFFANNOON: GODINA ARSII AANAA GUNAATTI.

QORATAAN: NUURADDIIN KADIIR BADHAASOOTIIN

GORSAAN: AMAANU'EEL ALEMAYEHU (PHD)

WARAQAA QORANNOO DIGRII LAMMAFFAA (MA) GAMISAAN
GUUTTACHUUF QOPHAA'E

MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFII FOOKLOORII KOLLEEJII
NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANOTAA, JORNAALIZIMIIF QUNNAMTII
YUUNIVARSIITII FINFINNEE

AMAJJII, 2014/2021

FINFINNEE

Yuunivarsiitii Finfinnee

Dhaabbata Qorannoo Digrii Duraatiin Booddee

Waraqaa qorannoo digrii lammaffaa (M. A) Afaan Oromoo, Ogbarruun guuttachuuf. Nuuraddiin Kadiiriin mata duree: “xiinxala lagu fi bakka buusa isaa xiyyeeffannoon: godina arsii aanaa Gunaatti. jedhuun qophaa’e sadarkaa ulaagaa yuunivarsiitiin kaa’e guuteera.

Koree qormaataa

Qoraa alaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Qoraa Keessaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Gorsaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Axeerera	iii
Galata.....	iv
BOQONNAA TOKKO: SEENSA.....	1
1.1 Seen duubee qorannichaa.....	1
1.2 Ka’umsa Qorannichaa.....	3
1.3 Gaaffilee Qorannichaa	4
1.4 Kaayyoo Qorannichaa.....	5
1.4.1 Kaayyoo Gooroo	5
1.4.2 Kaayyoo Gooree.....	5
1.5 Faayidaa Qorannichaa.....	5
1.6 Daangaa Qorannichaa	6
1.7 Hanqina Qorannichaa.....	7
1.8 Ibsa Haala Naannoo	7
1.9 Qindoomina Qorannichaa	8
BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU.....	9
2.1. Seensa	9
2.2. Afaanii fi Aadaa	9
2.3. Afaaniifi itti fayyadama isaa	11
2.4. Maalummaa Laguu	11
2.5. Gosoota lagu	13
2.5.1.1. Jechoota Laguu Sodaa hir’isuuf lagataman (fear based taboo).....	14
2.5.1.2. Jechoota Laguu Saalfii xiqeessuuf lagataman (shame based taboo).....	15
2.5.1.3. Jechoota Laguu Kabajaadhaan wal qabatan (politeness).....	17
2.6. Dhiibbaa jechoonni lagu haasaa keessatti qaban	20
2.7. Jechoota bakka buusaa ykn lagannaa (euphemism).....	21
2.8. Faaydaa jechoota bakka buusaa ykn lagannaa (use of euphemism).....	21
2.9. Karaalee jechootni bakka buusaa ykn lagannaa ittiin uumaman (formation of euphemisms)....	23
2.9.1. Jecha afaan biroo irraa ergifachuu (borrowing words from other languages).....	23
2.9.2. Hiika/xiiniika jijjiiruu (semantic changes)	23
2.9.3. Danoomsuu	24
2.9.4. Garee jechaa jijjiiruu	24

2.9.5.	Jechoota (dubbii qolaatti) fayyadamuu	24
2.10.	Yaxxinoota.....	24
2.10.1.	Yaxxina Haasgocha (Speech Act Theory).....	24
2.10.2.	Yaaxxina xinqooqa hawaasummaa (Sociolinguistic Theories.....	25
2.10.3.	Sakattaa barruulee walitti dhiyeenya qabanii	26
BOQONNAA SADI: MALLEEN QORANNOO.....		28
3.1.	Seensa	28
3.2.	Gosa qorannoo	28
3.3.	Meeshaalee ittiin odeeffannoon funaanname	29
3.3.1.	Af-gaaffii (interview)	29
3.3.2.	Daawwannaa (observation).....	30
3.3.3.	Sakatta'a Dookumantii (document).....	30
3.4.	Madda Ragaalee.....	30
3.5.	Mala Iddattoofi iddatteessuu (sampling and sampling method)	31
3.6.	Akkaataa qaaccessa ragaalee.....	32
BOQONNAA AFUR: QAACCESSA ODEEFFANNOO		34
4.1.	Seensa	34
4.2.	Jechoota lagu fi bakka buusasaa (taboo words and its euphemism)	34
4.2.1.	Jechoota lagu dhibee fi du'aan wal qabatan fi bakka buusaanii	34
4.2.2.	Jechoota lagu saalaafi qaamolee saalaatiin wal qabatan	36
4.2.3.	Jechoota lagu hawaasummaan wal qaabatan	38
4.2.4.	Jechoota lagu taatee uumamaan wal qabatan.....	39
4.2.5.	Jechoota lagu xuraawaa qaamaa bahuun wal qabate.....	41
4.2.6.	Lagu maqaa bineensotaa waamuudhaan wal qabate	41
4.2.7.	Jechoota lagu Kabajaa mul'isuuf lagataman fi bakka buusaasaa (politeness).....	42
4.3.	Gochoota lagu (act taboo)	46
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YAADA.....		54
4.1.	Cuunfaa.....	54
4.2.	Argannoo	54
4.3.	Yaada	56
Wabilee.....		58
DABALEE 1.....		61
DABALEE 2.....		62
DABALEE 3.....		64

Axeerera

Haasaa tokko keessatti walii galteen bifa barbaadameen fi miidhagaa taheen adeemsifamuudhaaf haasaa haasofnu keessatti itti fayyadamni jechootaa, himootaa, gaalewwanii akkasumas gochaan nuti qaama keenyaan mul'ifnu hundi isaaniituu murteessoodha. Haasaa haasofnu keessatti wantoota kanneeniif xiyyeeffannoo hin kennine taanaan qaamni haasaa gaggeessuufi dhaggeeffatu carraan isaan ittiin walii galuudhaan haasaa miidhagaa gaggeessan laafaadha. Wantoota haasaa keessatti dhiibbaa fidan keessaayis inni tokko akkaataa itti fayyadama jechoota laguuti. Jechoonni laguun kunniin jechoota hawaasa keessatti akka hin dubbatamne lagatamaniidha Jechootni laguun tahan kunniinis yoo dubbataman kan nama saalfachiisan, sodaachisan ykn rifachiisan kan tahaniidha jechoota sanniin waamuufis Oromoon jechoota birootti cinaa qabuudhaan akka guddaa namaa hin saalfachiinetti ykn hin sodaachifnetti itti fayyadama. Jechoonni kunniinis jechoota lagannaa ykn bakka buusa (euphemism) jedhamu. Inni biraa laguun gochaati, laguun gochaa gocha akka hin raawwatamne barbaadamu yommuu tahu gochoonni kunneen kan raawwataman yoo tahe uunamarratti dhiibbaa fiduu danda'u. qorannoo kana gaggeessuufis malleen qorannoo jiran keessaa gosa qorannoo qulqulleeffataatti dhimmi bahamuun meeshaalee qorannoo akka af gaaffii, daawwannaa fi sakataan dookmantii taasifameera. Odeeffannoon meeshaalee qorannootiin funaanaman hundisaaniis walitti qabamuudhaan qaacceffamaaniiru. Kanaaf qorannoon kun akka aanaa Gunaatti kanneen laguun tahan kan gochaafi jechaa funaanuudhaan , sababa lagatamaniif akkasumas bakka buusni isaanii maal akka ta'an kxiinxaleera.

Galata

Duraan dursee waaqa har'aan nu gahe galatoonfachaa itti aansuudhaan gorsaa koo kan ta'e Amaanu'eel Alamaayyehu (PhD) qorannoo kana ciminaan akkan hojjadhuuf gorsa yoroodhaa yerootti naaf kennaniif galanni koo guddaadha.

Dabalataanis maatii koo fi obboleeyyan koo kanneen qorannoo kanarratti yaada deeggarsaa naaf kennan akkasumas humnaan na gargaaruun na cinaa dhaabbatan hundumaayyuu nan galateeffadha.

Dhumarrattis manguddoota aanaa Gunaa fi waajjira Aadaafi Turizimii aanichaa yeroo qorannoo kana gaggeessu gaaafii ani gaafadheef nuffii tokko malee yaada qaban naaf kenna turan hundasaaniifuu galanni koo guddaadha.

BOQONNAA TOKKO: SEENSA

1.1 Seen duubee qorannichaa

Hawaasni tokko jiruuf jireenyasaa gaggeeffachuudhaaf wantoota lagatu hedduu qabaachuu danda'a. wantoonni lagataman kan jireenya hawaasaa akkasumas uumaafi uumamaa jeequu danda'aniidha. Kunis lagu gochaa akkasumas lagu jechaa kan haasaa keessatti taasifamuudha.

Akka fakkeenyaatti haasaa taasifamu keessatti hawaasni tokko haala gaariidhaan walii galuuf itti fayyadamni jechootaa murteessaadha. Itti fayyadamni jechootaa kunis jechootaa karaa loojikaalaa ta'een bifa ergaa dabarsuu danda'aniin qindaawuu qabu. Jechoonni haala ergaa dabarsuu danda'aniin qindaa'anii yoo kan dubbataman ta'e dubbataanii fi dhageeffataan sirnaan wal hubachuu danda'u.

Haasaa taasifamu kamuu keessatti jechoonni hedduun eddoo itti dubbatamaniifi itti hin dubbatamne qabaachuu danda'u. Jechoonni dubbataman isaan aadaa, duudhaa fi amantii hawaasaa waliin kan deeman yoo ta'an; Jechoonni hin dubbatamne ammoo aadaa, duudhaafi amantii hawaasichaa waliin kan hin deemne ta'uu danda'u. Jechoonni kunniin of eeggannoo tokko malee haawaasa keessatti kan dubbataman yoo ta'e hawaasicha dallansiisuu, jibbisiisuu akkasumas saalfachiisuu malu.

Jechoonni hawaasa tokko keessatti yogguu haasawaman hawaasa saalfachiisan ykn jibbisiisaa ta'eefi hawaasichi jechicha dubbatuu lagatu jechootaa lagu jedhamu. Jechoonni lagu jechootaa akka dubbataman hin barbaadamnee akkasumas Jechootaa hawaasa tokko keessatti jechootaa namni maqaa hin dhoofne ykn lagatuudha.

Yaada kana Wardhaugh (2000) akka ibsuutti "Taboo is the prohibition or avoidance in any society of behavior believed to be harmful to its members in that it would cause them anxiety, embarrassment, or shame" jechuun ibsa .Akka yaada kanaatti jechoonni lagu jechootaa hawaasa keessatti akka hin haasawamne dhoorkamaniidha. Jechoonni kun kan haasawaman yoo ta'e kan nama sodaachisan, saalfachiisan akkasumas jibbisiisan kan ta'aniidha jedha.

Kun ammoo namni tokko osoo jechootaa lagu kanneen addaan hin baafatin akkuma feetedhaan kan dubbatu yoo ta'e dhageeffataan ni suukanaawa ykn ni saalfata haasawichis dhageeffatuurra gara nuffuutti adeema kun ammoo walii galtee haasaa irratti dhiibbaa guddaa kan fiduudha.

Akkasumas, Dirribii Damusee (2012) akka ibsutti “Laguun akkaataa itti uummanni wal kabaju, wal danda’uufi waliin jiraatuudha” jedha. Waliin jireenya kana keessattis ummanni lagu isaa eeggatuuf jechoota lagu kana sirnaan ykn of eeggannoon itti fayyadamuun kan ittiin walii galuudha.

Jechoonni lagu kunneen afaanota hundaa keessatti kan argaman yommuu ta’u afaanonni hunduu haala garagaraatiin karaa hawaasichaaf galuun ykn wal hubachuun danda’amuun jechoota lagu kana lagachuun kan waamaniidha. “All languages have taboo terms”, (Andersson fi Trudgill, 1990: 14)

Haata’u malee afaan tokko keessatti jechi lagu ta’e tokko afaan biraa keessattis jecha lagu ta’a jechuun hin danda’amu. kuni kan irratti hundaa’u haala jiruuf jireenyaa, aadaa, duudhaafi amantii hawaasicha afaan sana dubbatuu waliin kan wal qabatuudha. Yaaduma kana cimsuuf (Trudgill, 1986:29), “The tabooed items vary from one society to another.” jedha. Akka yaada kanaatti jechoonni lagu hawaasa tokko irraa hawaasa biraatti garaagarummaa kan qabu ta’uu ibsa.

Ummanni Oromoos ummata laguuf lagannaa qabuudha. Laguufi lagannaan kunis wanta dalagamu fi dubbatamu of keessaa qaba. waanti dalagamuufi dubbatamu hunduu safuu isaa kan eeggateedha. Nama safuu isaa hin beekneefi hin eegganneef Oromoo biratti eddoon kennamuuf gad-aanaadha. Kabajaan isaaf kennamu hin jiru. Hamma fedhe beekaa ta’us beekkumsasaa sana qabatee kabajaadhaan hawaasicha waliin sirnaan jiraachuuf safuu haawaasichaa beekuun dirqama ta’a.

Namni tokko Kabajaafi dhageettii qabatee hawaasa waliin sirnaan jiraachuuf haalli itti fayyadama jechoota lagu hawaasicha biratti itti fayyadamamu addaan baasuun murteessaadha. Jechoota lagu hawaasichi itti dhimma hinbaane fi jechicha haasaa keessatti of irraa eegu akka hin fayyadamneef haala itti fayyadama isaa xiyyeeffannaa guddaan addaan baasuun murteessaadha.

Hawaasa adda addaa keessatti namoonni waan adda addaa lagatu. Lagannaan kuniis aadaafi amantii hawaasichaatiin wal qabata. Fakkeenyaaf, akka aadaa Oromootti namni sirna gadaa keessatti sababni inni itti waan tokko lagatu inni guddaan qulqullaa’ee wanta hamaafi yaraarraa of eegee seera waaqayyo kaa’e hordofee jiraachuu qaba jedheeti. (Asafaa 2006).

Oromoon yommuu haasawu hunda caalaa safuu isaa eeggateeti. Safuu isaa osoo hin eeggatin haasofni haasawamu kamuu Oromoo biratti fudhatama ykn dhageettii homaatuu hin qabu. Haata'u malee jechoota lagu kanneen haasaa isaa keessatti haala garagaraatti fayyadamee jechoota sanniin maqaasaanii osoo hin tuqin jecha biraatti fayyadamuun kan ittiin walii galaniidha.

Jechoota lagu sanneen kallattii jijjiiruudhaan haala aadaa, duudhaa fi amantaa hawaasichaa waliin deemutti walsimsiisuun osoo nama hin sodaachifne, hin nuffisiifnee akkasumas hin saalfachiifne yaada qaban karaa wal dhageettii qabuun kan ittiin walii dabarsaniidha.

Jechoota lagu kana waamuufis Oromoon eddoo gara garaa jiru maqaa gara garaatiin waamee ittiin waliigala. Haasofni isaa hunda caalaa fudhatama akka argatuuf ammoo jechoonni lagu eddoo sanatti hawaasichi itti hin fayyadamne kam fa'a jedhanii adda baasuun murteessaadha.

Kanaaf qorannoon kunis Oromoon godina Arsii aanaa Gunaa jechoota lagu kanneen dhiisuudhaan jechoota akkamiitti dhimma bahuun ittiin waliigala akkasumas jechoota lagu sanneen maaliif akka lagatu ibsuu irratti kan xiyyeeffateedha.

1.2 Ka'umsa Qorannichaa

Jechootni lagu jechoota hawaasni jiruufi jireenya isaa keessatti lagataa jiraatudha. Jechoonni lagu kun haala hawaasa tokkoo qajeelchuu, seera bulmaataa agarsiisuu, kabajaafi jaalala agarsiisuuf kan lagatamaniidha.

Jechoonni lagu kunniin bakkaa bakkatti garaagarummaa qabaachuu danda'an inni eddo tokkotti lagu ta'e gara biraatti ammoo jecha lagu ta'uu dhabuu danda'a. Inni kun ammo hawaasuma Oromoo eddoo garagaraa jiraatu biratti haalli itti fayyadama jechoota lagu garaagarummaa qaba. Jechi lagu Aanaa tokkotti beekamu aanaa birootti beekamuu dhabuu danda'a. Inni Godina tokkotti lagu tahe ammo Godina biraatti lagu ta'uu dhiisuu mala.

Hawaasni Oromoo eddoo garagaraa jiraatu walitti dhufee yommuu haasaa haasa'u jechoota lagu kanneen eeggatee itti hin fayyadamne yoo ta'e inni dhaggeeffatu ni saalfata ykn ni rifata inni kun ammoo walii galtee irratti dhiibbaa hammana hin jedhamne kan qabuudha.

Hawaasichi kunis jechoota lagu kanniin waamuudhaaf haala ergaan isaa hubatamuu danda'uun jechoota lagannaa garagaraa fayyadameeti. Itti fayyadamni jechootaa kunniin ammoo hawaasni hundi ni beeka jechuun hin danda'amu. Walii galteen bifa gaarii taheen adeemsifamuuf garuu

jechoonni lagannaa ykn bakka buufamanii itti fayyadamaman sunniin haala itti fayyadamasaa hawaasa hundaaf beekkamuun murteessaadha sanaan ala wal hubannaan guddaan mul'achuu dhabuu danda'a jechuudha . yeroo hedduus namoonni hojiidhaaf eddo biroorraa gara aanaa Guna yommuu dhufan haasaa keessatti jechoota lagu hawaasichi itti hin fayyadamne yeroo itti fayyadaman ni mul'ata. Kanaaf qorannoo kanaaf ka'umsa ta'uu kan danda'u xiinxala laguufi bakkabuusasaa akka aanaa Gunaatti jiru hubachuun hawaasa biroo kanneen eddo biraa jeraatan waliin wal beeksisuudha.

Inni biraa guddina afaan tokkootiif waaltinni jechootaa murteessaadha. Waaltina keessatti jechoonni afaan tokkoo eddo itti dubbataman hundarraa walitti funaanamuun inni hawaasichaaf waliigalteerratti ni tokkoomsa jedhamu filatamuun jecha waaltawe ta'ee tajaajila. Jechoota eddoo hundaatti dubbataman osoo hin sassaabatin jechootuma eddoo murtaawee fudhachuun waaltessuun ammoo hedduu ulfaata. Jechoonni filataman akka waaltinaatti tajaajilanis akka jechoota filannootti kan tajaajilan kaawwamuunfi hawaasa biraaf beeksisuunis murteessaadha.

waaltina Afaan Oromoo keessattis jechoonni fi gochoonni lagu kunniin kan xiyyeeffannoo ol aanaa barbaadaniidha. Jechoonni fi gochoonni kunniin gadi fageenyaan funaanamanii kaawwamuun hin dhiyaanne taanaan afaanicha waalteessuun hunda caalaa kan rakkisuudha.

Kanaaf qorataa mata duree kanarratti akka qoratu kan kakaase jechoota fi gochoota lagu aanaa Guna keessatti jiran haala itti fayyadamuun hawaasichi jechoota san waaman hawaasa biroof ibsuuf kaka'umsa kan godhateedha.

Dabalataaniis mata duree kanarratti qorannoowwan dalagaman hedduu waan hin jirreef inni kun ammoo akka kaka'umsatti akka tajaajiluufi guddina afaanichaatiif bu'uura ta'a yaada jedhu kaka'umsa kan godhateedha.

1.3 Gaaffilee Qorannichaa

Qorannoon kun gaaffiilee armaan gadiif deebii kenna

1. Akka aanaa Gunaatti jechoonni lagataman kam fa'i?
2. Jechoonni lagu jechoota akkamiin bakka buufamanii waamamu?
3. Gochoonni akka aanaa Gunaatti lagataman kam fa'a?
4. Sababonni lagannaa maal fa'i?

1.4 Kaayyoo Qorannichaa

Qorannoon tokko kan gaggeeffamu kaayyoo mataa ofii qabaateeti. Qorannoon kunis akkuma qorannoowwan biro kaayyoo mataasaa kan qabu yommuu ta’u kaayyoon qorannoo kanaas kaayyoo gooroofi kaayyoon gooree isaa haala itti aanuun dhiyaateera.

1.4.1 Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa: xiinxala laguufi bakka buusa isaa kan godina Arsii aanaa Gunaarratti kan xiyyeeffateedha.

1.4.2 Kaayyoo Gooree

Kaayyoon gooree qorannoo kanaa:

- Jechoota akka aanaa Gunaatti lagataman ibsuu
- Jechoota laguufi bakka buusasaanii ibsuu
- Gochoota lagu akka aanaa Gunaatti jiran tarreessuu
- Sababoota lagu ibsuu

1.5 Faayidaa Qorannichaa

Qorannoon tokko kan gaggeeffamu faaydaa ykn bu’aa wahii argamsiisuudhaaf kan gaggeeffamuudha. Haaluma kanaan qorataaniis qorannoon kun gaggeeffamee kan xumuramu yoo ta’e faaydaalee armaan gadii kennuu danda’a.

- Hawaasni Oromoo bakka garagaraa jiraatu jechoota lagu kanaaf osoo guddaa hin dhiphanne akka walii galaniif faaydaa guddaa kennuu danda’a. Hawaasni Oromoo Aanota ykn Godinoota garagaraa jiraatan akkuma addaan fageenya qabaataniin jechoota garagaraatti fayyadamuun walii galu. Walii galtee kana keessattis itti fayyadamni jechootaa eddoo guddaa qaba. Jechoota kanniin keessas jechoonni lagu jiraachuu danda’u. Jechoonni lagu kunniin ammoo jechoota hawaasa keessatti hedduu hin dubbatamne waan ta’eef jechoota lagu aanaa Gunaatti dubbataman kanniin hawaasa eddoo biraa jiraatuuf yoo kan ibsamu ta’e haala salphaa ta’een namni aanicha dhaqe jechoota lagu kanaaf osoo hin dhiphatin walii galuun akka danda’amuuf faaydaa guddaa kan qabuudha.
- Gochoonni lagu tahan kan akka aanaa Gunaatti tuquun ykn raawwachuun hin eeyyamamne hawaasa gara biraa jiraatuuf ibsuun hawaasni biros akka waa irraa hubatu taasisuudha.

- Haasaa kessatti xiyyeeffannoon jechoota laguutiif akka godhamu ni taasisa. Namni tokko yommuu haasawu jechoota itti fayyadamee haasaa sana taasisu addaan baafachuun murteessaadha. Jechoonni haasawaman kunniin ergaa barbaadame dabarsuudhaaf bifa duudhaa, amantiifi aadaa hawaasichaa eeggateen yoo kan haasawamu ta'e milkaawuu danda'a. Haasaan taasifamu kunis bifa aadaa, duudhaa akkasumas amanti hawaasa sanaa eeggate taasisuuf ammoo jechoota lagu hawaasichi eeggatu addaan baafatanii eeggatuun haasaa gaggeessuun murteessaadha. Kanaaf faaydaan biraa kan qorannoo kanaa hawaasni haasaa keessatti jechoota lagu kanneen itti fayyadamuu dhabuurraa akka ofeegu xiyyeeffachiisuuf kan gargaaruudha.
- Akka aanaa Gunaatti gochoota raawwachuu lagatamu hubachuudhaan gochoota sanniin irraa akka of eegan ni taasifam.
- Nama dhimma kanarratti qorannoo gaggeessuuf deemuuf akka madda ragaatti ni tajaajila. namni jechoota lagu irratti qorannoo gaggeessuu ykn hojjachuu barbaade qorannoo kana akka ka'umsatti itti fayyadamuudhaan qorannoo gaggeessuf kan gargaaruudha.
- Waaltina Afaan Oromootiif jechoonni lagannaaanichaa akka filannootti ni tajaajilu. Afaan tokko kan waaltawu jechoota garagaraa eddoo garagaraarraa walitti funaanuudhaani. Afaan Oromoos waaltessuudhaaf jechoota adda addaa kallattii garagaraarraa walitti funaanuun dirqama ta'a. Jechoota funaanaman kana keessaayis jechoota lagu eddoowwan garagaraatti beekkaman adda baasuun jechoonni sunniin jecha waaltinaa ta'ee eddoo hundatti akka dubbatamuu danda'utti akka hin dhiyeessineef fi waaltinni jechootaa of eeggannoo cimaan akka raawwatamuuf jecha qorannoon kun jechoota lagu aanaa Gunaatti beekkaman beeksisuuf kan fayyaduudha.

1.6 Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun Aanotaa fi Godinoota Oromiyaan qabdu hundatti kan gaggeeffamu osoo ta'ee jechoota lagu aanaaleefi Godinootatti beekkaman hunda baasuun hawaasni hundi akka hubatan taasisuudhaaf faaydaa guddaa kan qabuudha. Hawaasni godinaaleefi aanaalee garagaraa jiraatan kunniin ammoo eddoo deeman hundatti osoo of hin shakkine haala walii galtee isaanii miidhuu hin dandeenyeen yaada barbaadan dabarfachuun walii galuu danda'u.

Haata'u malee sababa hanqina yeroofi baajataa qorannoo kana gaggeessuudhaaf qabame irraa kan ka'e daangaan isaa: xiinxala laguufi bakka buusasaa jedhu kan Godina Arsii Aanaa Gunaa kan daangeffameedha.

1.7 Hanqina Qorannichaa

Qorannoo tokko gaggeessuudhaaf wantoonni barbaachisan hedduudha. Isaan keessaayis mallaqa, yeroo, madda odeeffannoo gahaa argachuufi kkf dha. Qorataanis ennaa qorannoo kana gaggeessu hanqinni hedduu muudateera kanneen keessaayis:rakkoo qaama odeeffannoo kennuu yeroodhaan argachuu dhabuun akka qorannoon kun waan barbaadame guutumaan guututti haala karooraafi sagantaa yeroo isaa eeggateen akka hin raawwatamne kan taasise keessaa isa tokkoodha. Kunis amma amma fooyya'ini tokko tokko mul'atus ummanni keenya yeroo kabajuurratti akkuma aadaa ta'ee harkifannaafi yeroof guyyaa jedhametti argamuu dhabuun ni mul'ata. Qorataas kan muudate manguddoon qorannichaaf filataman yeroo jedhametti argamuu dhabuu bira dabree hanga guyyaa jedhametti argamuu dhabuutti akka rakkootti kan isa muudateedha.

Akkasumas dhimma kanarratti barreeffamni barraayee jiru haala quubsa ta'een argamuu dhabuun akka hanqina qorannootti kan mul'ateedha. Inni kunis qorannoo kanaaf akka madda ragaatti kan tajaajilan barreeffamoonni barraayanii taa'an jiraachuu dhabuu akka hanqinatti kan muudateedha.

Dabalataaniis rakkoon baajataas akka hanqinatti qoraticha muudateera.Qorannoon tokko yommuu gaggeeffamu wantoota barbaachisan keessaa inni tokko baajata. Baajanni gahaan ramadamee hojitti kan seenamu yoo ta'e hojiileen hedduun hojjatamuu danda'u. Haaluma kanaan qorataan qorannoodhaaf yommuu socho'utti eddoo hedduutti mallaqni hanqatuun akka hanqina qorannichaatti kan mul'ateedha.

1.8 Ibsa Haala Naannoo

Aanaan Gunaa aanaalee Godina Arsii keessatti argaman keessaa ishee takkaadha .Aanaan tunis magaalaa Finfinneerra gara kallattii Bahaatti 354 km fagaattee kan argamtu yommuu taatu baay'ina gandoota 16 akkasumas bulchiinsa magaalaa 3 kan qabduufi bal'ina lafa km² 40,510 yookiin hektaara 27,183 irratti kan argamtuudha.

Baay'inni ummata aanaa kana keessa jiraataniis Dhi=53,500, Du= 51,500 yommuu ta'u waliigala baay'ina jiraattotaa 105,000 kan qabduudha. Haalli hawaasaa ammo qonnaan bulaa yommuu ta'an harki caalu Afaan Oromoo kan haasawu fi kan hafan ammo Afaan amaaraatiin kan walii galaniidha.

Haalli qilleensa aanaa kanaas harki caalu badda daree yommuu taatu bosona uumamaa hedduun uwwifamtee kan argamtuudha. Kanaaf haala roobaas gahaa waan qabduuf hawaasichi oomisha waggaatti yeroo lama kan oomishatuudha. Oomishni midhaaniis kanneen akka garbuu, qamadii, boqqoolloo, xaafii, baaqela, atara akkasumas talbaan hedduminaan oomishama.

1.9 Qindoomina Qorannichaa

Qorannoon kun boqonnaalee shanitti qooddamee kan dhiyaate yommuu ta'u. Boqonnaa tokkoffaa keessatti Ariirrata qorannichaa, ka'uumsa qorannichaa, kaayyoo qorannichaa, barbaachisummaa qorannichaa, daangaa qorannichaa, hanqina qorannichaa, Akkasumas dhimma haala ibsa naannoo qorannichaa ibsutuu dhiyaate.

Boqonnaa lammaffaan sakatta'a barruu yommuu ta'u waa'ee dhimmoota maalummaa lagu, miidhaa jechoonni lagu yommuu itti fayyadamaman qaban, jechoota safeeffannaa, sababa safeeffannaa, uumamsa jechoota safeeffannaa, faaydaa jechoota lagannaa akkasumas itti fayyadama jechoonni lagannaamaal akka fakkaatu isa hayyoonni garagaraa yeroo garagaraatti barreessan maal akka jedhu gadi fageenyaan kan dhiyaateedha.

Boqonna sadaffaan mala qorannichaa kan ibsu yommuu ta'u, qorannichi mala qorannoo ibsaa kan adeemsifameedha. Boqonnaa kana keessatti tooftaa qorannichaa, madda ragaalee qorannichaa, meeshaalee funaansa ragaalee, idattoofi mala idatteessuu (mala qaaccessa odeeffannoo) fi tooftaalee ragaan ittiin qaaceffaman gadi fageenyaan ibamaniiru.

Boqonnaa afraffaa keessatti qaaccessaafi hiika odeeffannootuu dhiyaate. As jalatti odeeffannoowwan funaanaman kan qaaceffamanii fi tokkoon tokkoo isaanitiif hiikni kan itti keennamanidha.

Kana malees boqonnaa isa dhumaa, boqonnaa shannaffaa keessatti immoo argannoo xiinxala godhamerraa ka'uun cuunfaafi yaada furmaataatuu walduraa duuba isaa qabatee dhiyaate jira.

BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU

2.1. Seensa

Barreeffamoonni hedduun yeroodhaa yerootti dhimmoota garagaraa irratti hayyoota hedduun ni barraayu. Isaanis akkuma dhimma barraayaniifitti dubbistootaaf dhiyaachuudhaan dhimmicharratti yookiin mata durichaarratti beekkumsa, hubannoo akkasumas ibsa garagaraa kennuudhaan hawaasni irraa akka fayyadamu taasisu.

Boqonnaa kana jalattis dhimma yookiin mata duree jechoota laguutiin wal qabate isa hayyootaan yeroodhaa yerootti barreeffaman sakatta’uudhaan dhiyaateera.

2.2. Afaanii fi Aadaa

Wanti dhala namaa bineensota biroo irraa adda godhu afaan ittiin waliigalu qabaachuu isaati. Dhalli namaa kunis Afaan isaatti dhimma bahuun waa’ee aadaa duudhaafi lagu hawaasichaa ittiin walii ibsaa har’a kan ga’eedha kanaaf afaan meeshaa waliigaltee dhala namaa ta’ee isa waa’ee ykn haala jiruuf jireenya hawaasaa kan yeroo dabree ittiin walii dabarfamuudha.

“Language, is considered as a set of rules that enable speakers to relate sounds to information” (Gumperz, 1971: 222). Akka yaada kanaatti afaan karaa seera qabeessa ta’een haasawaan tokko sagaleewwanitti tajaajila bahuun gara odeeffannootti jijjiiramu ta’uu mul’isa. kana jechuun afaan tokko seera mataa ofii kan qabu yommuu ta’u seeruma sanarratti hundaawuudhaan sagaleewwan walitti dhufuudhaan haasaa taasisama. Haasaan sun ammo hawaasaaf akka odeeffannootti kan tajaajilu ta’uu kan mul’isuudha.

Without language, communication about past and future events would be impossible. Therefore, advancement and development in social communities, which means cultures, becomes possible. Attitudes, knowledge, emotions and experiences are passed from one generation to the next although the members of the present generation never made the experiences the former one did. As a result, behaviour can be modified to improve living and enables humans to share perspectives.
Greenberg

Akka yaada kanaatti aadaan, ilaalchi, dandeettiin akkasumas jijjiiramni hawaasa keessatti dhufu kamiyyuu kan ibsamu fi hawaasni jireenya ofii akka fooyyeffatuuf kan tajaajilu afaan ta’uu ibsa. Dabalataaniis afaan malee waa’ee ennaa dabree haasawuun fi kan dhufu tilmaamuun afaan malee akka hin danda’amne ibsa. Kanaaf afaaniifi aadaan hariiroo guddaa akka qaban kan mul’isuudha.

Yaaduma kana cimsuudhaan Henslin (2004: 14), “Language allows culture to exist and to develop. Only through the use of language, people are able to move beyond their immediate experiences that mean to speak of past and future events which would be impossible without the structure of language. With the help of language, events can be codified, they are attached to words so that they can then later be recalled and discussed in the present” jechuun ibsa. Akka yaada kanaatti afaan; aadaan akka jiraatuufi guddatuuf kan gargaaruudha. Muuxannoo ilma namaa kallattimaan kuusuudhaan waa’ee wanta dabreefi dhufu karaan ittiin kaawwatamuun afaan ta’uu ibsa .

Afaanitti fayyadamuudhaan wanta bira dabrame kuusuun dhaloonni ammaa ammo haasaa yeroo sanaa irra dhaabbachuun waa’een ammaa akka baramuufi isa itti aanee dhufuuf tilmaamni akka kaa’amuuf shorri afaan aadaa guddisuufi tursiisuuf qabu guddaa ta’uu ibsuun afaaniifi aadaan hariiroo cimaa akka qaban kan mul’isu ta’uu ibsa.

Ummanni aadaa garagaraa qabaatu tokko yeroo tokko tokko aadaa hawaasa biroo yommuu daawwatuufi caqasu wantoota hedduu irraa barata yookin hanga ittiin bashannanuttis gahuu danda’a. Aadaan hawaasa tokkoo akka inni jiru hawaasa birootiif mul’isuuf ammoo afaantu isa barbaachisa.

“The exact nature of the relationship between language and culture has fascinated, and continues to fascinate, people from a wide variety of backgrounds. That there should be some kind of relationship between the sounds, words, and syntax of a language and the ways in which speakers of that language experience the world and behave in it”. (Wardhaugh, 2010) Akka yaada kanaatti hariiroon afaaniifi aadaa ummanni eddoo garagaraa jiraatan aadaa walii hubachuun akka itti bashannanan kan gargaaru ta’uun kunis sagaleewwan jechoonni akkasumas himoonni karaa ittiin walitti dhufanii hawaasa tokko keessatti waliigalteef akka tajaajilan ibsuun kun ammoo aadaan kan ibsamu karaa afaaniin ta’uu kan eeruudha.

Language and culture are closely related to each other. The relationship between them expresses firstly cultural reality since it reflects the individuals’ attitudes and beliefs. Secondly, Language embodies cultural reality i.e., the way in which the spoken, written or visual mediums create meanings that can be understood by people and culture can be expressed through the speaker’s accent, style and gestures...etc. Language symbolises social identity. Kramsch (1998:03)

Akka yaada armaan oliitti afaaniifi aadaan hariiroo cimaa akka qaban mul'isuun kunis dhugummaan aadaa maal akka fakkaatu ilaalchaafi amantaa namootaa irraa hubachuun afaan murteessaa akka ta'e eera. inni biraa ammoo afaan dhugummaa aadaa tokkoo ibsuuf gargaara kunis karaa barreessaan, dubbataan yookin daawwannaan haala ittiin dhiyeessaan aadichaa ittiin dhiyeesse irraa dhugummaasaa karaa afaaniin mul'achuu akka danda'u kan ibsiteedha.

2.3. Afaaniifi itti fayyadama isaa

Afaan tokko beekuun qofti gahaa miti inumayyuu afaan tokko beekuu jechuun itti fayyadamasaa sirnaan beekuun murteessaadha. yaaduma kana barreeffamoonni tokko tokko akka ibsuutti

“afaan meeshaa wal qunnamtii isa guddaa ilmi namaa itti fayyadamuudha. Afaan ergaa waa'ee jiruu (life), amalaafi eenyummaa namootaa dabarsuuf gargaara. Haata'u malee ergaawwan afaanin daddarban kunniin haala qabatamaa aadaa hawaasaa naannoo tokkoo irraa kan ka'e, akkaataa namni tokko itti waa yaaaduufi raaawwatu garaagara godhu. Kanumarraa kaanee akka wali galaatti kan jechuu dandeenyu, afaan akkaataa namoonni addunyaa namootni naannoo isaaanii itti ilaalaniifi yaadan irratti dhiibbaa guddaa ni qaqqabsiisa. Kana jechuun karaa afaanii ,eenyummaan nama tokkoo ifa bahuun, sadaarkaa namni tokko haawaasa keessatti qabu ni murteessa jechuudha.(Birhaanuu,2013:1) Jechuun kaa'a.

Itti fufees

“haala qabatamaa afaan tokko keessatti fayyadamnu addaan baafnee hubachuun murteessaadha. Sababni isaa afaaniifi haala qabatamaa afaan keessatti fayyadamnu addaan baasnee ilaaluun rakkisaa waan ta'eefi. Waaliigalteen hawaaasa, haaalaa itti dubbattoonni afaanicha afaan sana faayyaadaman murteessuu keessatti gahee guddaa qaba jechuudha. Sababni isaa , afaan aadaa hawaasa isa dubbatuu keessaatti gad-hordaamee (deep-rooted) kan dhaabbate waan ta'eefi. Kana jechuun haawaasni tokko, duudhaa, lagu, aadaa isaa afaan isaatiin fayyadamee ibsata waan ta'eefi.” Jechuudhaan afaaniifi itti fayyadamni afaanii maal akka ta'e kaa'a.

2.4. Maalummaa Lagu

Dhalli namaa jireenya isaa keessatti wantoota hedduu raawwata wantoonni raawwataman kunniin ammoo wanta gaariifi gadhee of keessaa qaba. Wanti hawaasicha fayyadu kan raawwatamu yoo ta'e gaariidha. Haata'u malee yeroo tokko tokko dhalli namaa beekes haata'u wallaalee wantoota gadhee ilma namaa irraa hin eeggamne raawwata inni kun ammoo yoo kan babal'atu ta'e dhala biyya lafaa balleessuu danda'a.

Isa kana hambisuuf ammoo dhalli namaa gochaawwanfi jechoota garagaraa kanneen tajaajila hawaasaaf hin kennineefi dhala biyya lafaa miidhuu danda'an safeeffachuu eegalan. kana ibsuufiis maalummaa jecoota laguutti osoon seenin dura haala ittiin laguufi safeeffannan eegalame irratti yaada armaan olii kan cimsan barreeffamoota adda addaa ilaaluun murteessaadha.

“The word taboo is borrowed from Tongan, a language spoken by Polynesians in the Pacific archipelago, where any sacred or humble things are forbidden to touch or even to talk about”. (Gu, 2002, 26)

Akka yaada armaan olitti laguun kan eegalame warroota afaan Tongaan dubbatan warra polineeshiyaa irraa ta'uusaafi afaan Ingilffaallee jecha'taboo'jedhu kan fudhate achirraa ta'uu ibsa. Inni kunis laguun wanta dhoorkaa tahe ta'uu ibsuun wanti dhoorkamu kunis hanga wantoota tuquu ykn waa'ee wanta tokkoo dubbachuun dhoowwaa akka tahetti kan ibsuudha.

Jiruuf jireenya ilma namaa kana keessattis wanti raawwatamu kamuu sirna mataa ofii qaba. wanti raawwatamu kun haala waliin jireenya hawaasa sanaa laaffisa yoo ta'e fudhatama guddaa hin qabu. Isa sana jijjiirudhaaf ammoo kallattii ittiin wal qajeelchan uummatutti eegalu wanta gadhee sana ni lagatu jechuudha.

Yaada kana ilaalchisee Dirribii (2012:89) akkas jechuun ibsa“laguu jechuun, aadaa, laguu, amantiifi seenaa ofii eeggachuuf jecha waan adda addaa irraa of qusachuufi obsuudha”. jechuun kaa'a wanti akka laguutti laallamuu danda'us Nyaata, dhugaatii, saalquunnamtii fa'a ta'uu akka danda'uttis kaa'a

Dabalataaniis Wardhaugh (2000,234), “Taboo is the prohibition or avoidance in any society of behavior believed to be harmful to its members in that it would cause them anxiety, embarrassment, or shame” . jechuun ibsa.

Akka yaada kanaatti laguun wanta hawaasa tokko keessatti dhoorgamaa ta'eefi kan hawaasicha rakkoorra buusuu danda'an yoo ta'u kunis raawwatamanii yoo mul'atan ammoo kan nama saalfachiisan, sodaachisan akkasumas jibbisiisan ta'uu akka danda'nitti kaa'a.

Akkasumas (Birhaanuu, 2013:6) “jechoota laguu (taboo words) salphaatti hiikasaa kennuun ulfaataa ta'us, jechoota laguu jechuun jechoota namni dhuunfaan yookan hawaasni kallattiin

dubbachuurraa of qusatu jechuu yommuu ta’u, yoo kallattiin dubbatamanis qaanii (saalfii) uumuudhaan mufannaafi walitti bu’iinsa dubbataafi dhageeffataa gidduutti uumuu kan danda’uudha.” Jechuun ibsu.

Akka kitaabni Oxford Advanced Learners Dictionary (OALD) (2002: 1322) ibsutti, “Taboo is a cultural or religious custom that does not allow people to do, use or talk about a particular thing as people find it offensive or embarrassing”. jechuun ibsa. Akka yaad kanaatti Laguun aadaa, duudhaa akkasumas amantii hawaasaa keessatti wanta itti hin fayyadamne, hin tuqamne akkasumas hin dubbatamnee fi kan nama saalfachiisan akkasumas sodaachisan ta’uu kaa’a. Wantoonni kunis saalqunnamtii, qaamolee miiraa akkasumas saala ta’uu akka danda’an ibsa.

2.5. Gosoota lagu

Gosa lagu ilaalchisee hayyoonni gosoota garagaraatti qoqqoodaniiru. Isaan keessaayis hayyoonni baay’een gosa lagu kan gochaan fi jechaa ta’uu irra deddeebi’anii kaasu.

“Taboo is either discuss the doing of the taboo word – the actual physical action which is a scholarly taboo– or you can say the word and its meaning which then is a cultural taboo. Within every culture there is taboo behaviour and taboo words. Behaviour is the things you are not supposed to do while words are the things you are not supposed to say (Fairman, 2009)

Akka yaada kanaatti laguun wanta gochaan raawwatamuu ykn jechaan kan jedhamu ta’uu isaa kaa’a. Laguun gochaan raawwatamu kan qaama miiraa keenyaan tuttuqnu, qaqqabnu, raawwannu yommuu ta’u kan jechaa ammoo haasaa keessatti jechoota dubbatamuu hin qabne ta’uu dabalataan kaa’aniiru.

2.5.1. Jechoota lagu (taboo words)

Jechoota lagu ilaalchisee Ummanni akka amanutti afaan ykn jechi wanta humna qabu kan dhibame fayyisu, kan diina irraa balleessu, kan milkii gaarii fiduu danda’uuf akka ta’etti amanu.

Language is considered to contain special powers-be able to cure sickness, keep away evils, bring good to oneself and harm to an enemy. This belief that words control objects, people and spirits influences human activities through human history since ancient time. Such language usually has to be used with great care, and meticulous attention is paid to pronunciation and wording. People even tend to avoid mentioning them. When people have to talk about those things, they are talked about in very roundabout ways. Then we have instances of linguistic taboo and euphemism. (Gu, 2002)

Akka yaada kanaatti afaan hunda caalaa kan humna qabuufi jechoota hin taane kan dubbatan yoo ta'e milkiin gadheen kan muudatu yommuu ta'u wantoota gaggaarii aadaafi duudhaa hawaasichaa eeggate kan dubbatan yoo ta'e milkaawuu danda'u yaada jedhu fudhachuudhaan jechoota milkii gadhee nu dhaqqabsiisuu danda'a jedhan lagachuudhaan dalga qabanii jecha biraatiin waamuu akka eegalan kan mul'isuufi lagannaanis haala kanaan kan eegale ta'uu mul'isa.

Ummanni Oromoos yaada kanaatti hedduu amana jechi ykn dubbiin humna guddaa waan qabuuf yoo eebbisan ni tolchu yoo abaraan ammoo ni balleessa yaada jedhu waan qabaniif eebba malee abaarsarratti hedduu hin xiyyeeffatan ni lagatu jechuudha.

Mbaya (2002) jechoota lagu ilaalchisuun akka itti aanutti ibsa. "Taboo words and words like them must be observed by all the members of the society. Failure to do so can lead to punishment or public shame. But where possible, the use of such words can take place only in a restricted set of situations." jechuun kaa'a. Akka yaada kanaatti jechoonni lagu hawaasni hundi kan hin beekne yoo ta'e fi kan itti fayyadamnu yoo ta'e hawaasni kan saalfatuufi kan gara adabbiitti nama geessu ta'uu kaa'a. Akkasumas ittis yoo kan fayyadamnu ta'e eddo murtaawaatti fayyadamamuu akka qabu kan ibsuudha

2.5.1.1. Jechoota Lagu Sodaa hir'isuuf lagataman (fear based taboo)

I. Du'aafi dhibee (death and illness)

Du'aafi dhibeen wantoota lagataman keessaa isaan tokkoodha kun ammoo sababa ilmi namaa hundi du'aa fi dhibee sodaatuufidha.

"Death is a fear-based taboo, independent of time, religion, culture and society. Nobody feels happy and comfortable around dead bodies. Death has always been shrouded in mystery, it is still not fully understood, and that is just one of the reasons why people feel uneasy when talking about it". (Keith and Burridge). Akka yaada kanaatti akka aadaa, amantiifi duudhaa hawaasaatti namoonni waa'ee du'aa yoo kan dhagahan tahe kan gammadu hin mul'atu hunduu keessa isaatti ni sodaata kanaaf soda irraa kan ka'e jechoota waa'ee du'aafi dhibeetiin wal qabatan yommuu haasawu lagachuun akka haasawu kan ibsuudha.

II. Maqaa Bineensotaa yaamuu

Sababa sodaa kanaan ammo jechoonni hin waamamne biroo maqaalee bineensotaati. Maqaaleen bineensotaa kunniinis kan hin waamamneef sodaa bineensichi nunyaata ykn qabeenya keenya nu jalaa nyaata jechuun waan yaadaniifdha.

people used to believe that words possessed immense power. Therefore, they feared mentioning evil spirits, as it may attract them and bring bad luck. example ,Bears are scary animals. They are so scary that early northern Europeans referred to them by substitute names for fear that uttering their real name might beckon these ferocious beasts. Instead, they talked of the honey eater, the licker, or the grandfather. (Keyes)

Akka yaada kanaatti namoonni akka amananitti jechoonni humna olaanaa qabu waan ta'eef jechoota hin taane yoo dubbatan milkii hin taanetu isaan qunnama. Sodaa kanaafis akka fakkeeniyatti kutaan Kaaba Awurooppaa gosa bineensa booyyee jedhu kallattiin waamuu ni sodaatu isa waamuudhaafis jechoota birootiin bakka buusu. kana keessaayis akka bineensa damma nyaatutti waamu yookan ammo abba guddaa jechuunis akka waaman kan mul'isuudha.

Haalli kun ammo biyya keenyattis Oromoon maqaa bineensota garagaraa waamuu ni lagata. Akka fakkeeniyatti galgala galgala maqaa bineensa booyyee hin waaman sababni yoo maqaan booyyee galgala kan dhahamu ta'e dhufee boqqoolloo keenya nujalaa nyaata jedhanii waan amananiifi sodaataniifdha.

Inni biraa waraabessa maqaan isaa hin waamamu sababni isaas yoo waraabessi maqaan isaa kan waamamu ta'e loon keenya nu jalaa nyaata jedhamee waan sodaatamuufiidha.

2.5.1.2. Jechoota Laguu Saalfii xiqeessuuf lagataman (shame based taboo)

Jechoota laguu keessaa inni tokko jechoota yoo haasawaman nama saalfachiisuudhaan walii galtee haasaa keessatti dhiibbaa fidaniidha. Isaan keessaayis jechoonni yeroo haasawaman nama saalfachiisuu danda'an jechoota maaliin wal qabatan kan jedhu haala itti aanuutti dhiyaateera.

I. Saal qunnamtii (sex)

Biyyoota Addunyaa irratti haala waliigala jedhamutti jechoonni saal qunnamtii hedduun jechoota laguuti ni lagatamu. Hammuma fedhe saalqunnamtiin uumama ta'us olbaasanii dubbachuufi mari'achuun laguudha. Jechoota laguu kanneen waamuuf ammo dalga qabuun jechoota biraatiin bakka buusuun kan waamaniidha.

Yaaduma kana Deng (1989,93) akka ibsutti biyya Ameerikaattis jechoonni saalqunnamtii akka lagataman ibsa “Words having to do with anatomy and sex, and words even vaguely suggesting anatomical or sexual matters, have remarkable connotations, especially in American culture. Ladies of the nineteenth century could not bring themselves to say ‘breast’ or ‘leg’, not even of chicken, so that the terms ‘white meat’ and ‘dark meat’ were substituted. It was thought inelegant to speak of ‘going to bed’, and “to retire” was used instead”. Jedha

.Akka yaada olii kanaatti jechoonni saal qunnamtii jechoota lagu ta’aniifi maqaan isaanii hin dhawamne ta’uu ibsuun biyya Ameerikaa keessatti naannoo jaarraa kudha saglaffaatti dubartoonni jechoota akka miila, laphee akkasumas maqaa lukkuu ykn foon lukkuus waamuun akka lagu ta’ee fi jechoonni kunniin jechoota saal qunnamtitti dhiyaatan jedhanii waan hubataniifiidha.

Jechoota kanneen waamuudhaaf ammoo foon adii ykn dukkanaawaa jedhuun .Akkasumas jecha saalqunnamtii ibsuu yoo barbaadan cinaa qabuudhaan ‘gara siree’ykn ‘boqachuu’ jedhutti akka fayyadaman kan ibsuudha.

Dabalataanis hayyoonni Allan fi Bridge jedhaman wantoonni saalqunnamtiin walqabatan hundi isaaniituu akka laguutti akka ilaalaman ibsuudhaan laguun kunis sadarkaa kan qabuufi kan irra caalaa lagatamu saalqunnamtii saala walfakkaataa akkasumas saalqunnamtii haraamoo ta’e akka ta’e kaasu“All sex is subject to taboos and censoring, but the taboos on male homosexuality and unfaithful wives have been strongest”.

II. Qaamolee saalaa (bodily function)

Jechoota maqaan dhahuun saalfachiisu keessaa tokko maqaalee qaamota saalaati.Qaamoleen saalaa hawaasa hedduu biratti ni lagatamu.Maqaa isaanii kallattiin waamuun waan saalfachiisuuf dalga qabuudhaan jecha biraatiin bakka buusuun waamu.

“Maaqaa qaama saalaa dhiiraas ta’e dubaaraa kallattiin waamuun dubbaticha irrattis ta’e dhaggeeffataa afaanicha beeku biratti saalfii guddaa uuma. Kanarraa kan ka’e maqaaleen qaama saalaa tooftaa garagaraan lagatamuun waamamu.” (Birhaanuu, 2013)

III. Xuraawaa qaamaa bahu

Wanti qaama namaa keessaa bahu hundi ni lagatama.Garaagarummaan hamma lagachuu jiraatuus qaama namaa keessaa wanti bahu imimmaan malee hunduu ni lagatama.Kanaaf

jechoota kanneen waamuun waan saalfachiisuuf isa waamuuf ammoo jechoota biraatti dhimma bahama.

“uumamaan qaama ilma namaa keessaa waantoonni bifa dhangala’oofi jajjaaboon qaama keessa gara alaatti bahan hedduun jiru. Wantootni gaara aalaatti bahan kun bay’een isanii arguuf ija namaatti yookiin fooliin isaanii funyaan namaatti kan tolan miti. Kanaaf wantoonni kun akkaafi bakka hin barbaadamnetti yoo raawwataman saafuudha. Wantoonni qaama namaa keessaa gara alaatti bahan kun baay’een isaanii maqaa isaaniillee ifatti waamuun xiinsammuuf kan hin mijanneefi karaa alklaattiidhaan waamamu.” (Birhaanuu, 2013)

2.5.1.3. Jechoota Laguu Kabajaadhaan wal qabatan (politeness)

Jechi laguu tokko kan lagatamuuf keessaa tokko kabajaa argamsiisuufiidha. Kabajaan kunis ummanni waliin jiraatu jaalalli isaa akka dabaluufi waliin jireenya gaarii qabaachuuf kan taasifamuudha.

Levinson (1978: 13-5) akka ibsutti “politeness is considered as a major factor that motivates speakers towards the use of euphemism”. jechuun ibsa. Akka yaada kanaatti haasofni kabajaa of keessaa qabu nama haasaa gaggeessu bifa si’aa’ina qabuun haasaa akka taasisuuf kan gargaaru ta’uu ibsa.

Emerson (1856: 326) Whether or not behaviour counts as good manners will depend on a number of factors. These include: the relationship between speakers, their audience, and anyone within earshot; the subject matter; the situation (setting); and whether a spoken or written medium is used. In other words: politeness is wedded to context, place and time” jedha. Kunis namni tokko nama biro kabajuudhaaf walitti dhufeenyi qaama dubbatuufi dhaggeeffataa jidduu jiru murteessaa ta’uu ibsa. Inni biraas namni tokko bifa kabajaa qabuun akka haasawu kan taasisu keessaa yoomessis murteessaa ta’uusaa ibsa. Kunis namni tokko haasawuun duratti namni waliin haasawaa jiru nama akkamii akka ta’e addaan baafachuun haasawuu akka qabu kan agarsiisufi eddoon fi waqtii akkamii haasawicha taasisaa akka jiru beekuun murteessaa ta’uu ibsa.

Akka fakkeeniyatti namni tokko yommuu dubbatu haalli dubbii mana cidhatti dubbatamuufi mana gaddaatti dubbatamu garaagarummaa qaba. kunis yoomessa keenyaa addaan baafachuun akka dubbatamuu qabu agarsiisa. Inni biraa manguddoofi daa’immanitti ykn nama ogummaa garagaraa qabu waliin haasaan taasifamu garaagarummaa qaba.

Ummata Oromoo birattis kabajaan eddo guddaa qaba. Oromoon kan wal kabaju kallattii garagaraatiin isaan keessaayis keessummaa, firummaa, hangafummaa, hayyummaan fi kkfn akkuma walirra jiruun kan wal kabajuudha. Kabajaa kana mul'isuudhaafis wantoota lagatu hedduu qaba .keessattuu haasaa ennaa haasa'u jechoota ofii sirritti eeggateet haasawa jechoota laguutti fayyadamuu dhabuu isaa irra deddeebi'eet xiinxala.

I. Fira ykn maatii kabajuu

Firri hariiroo dhiigaa kan maatii tokko keessatti mul'atuudha. Oromoo biratti firri tokko fira gaarii ta'usaa kan ittiin madaalamu keessaa ijoo kabajaa inni fira isaatiif taasisuudha. Kabajni gaariin kunis kan ibsamu karaa lagu isaa eeggateen kabajaan yoo taasifameedha. Laguun kunis kabajaa mul'isuudhaaf jechoota maqaan dhahamuu fi hin dhahamne of keessaa qaba.

Oromoo biratti haati manaa abbaa manaa maqaan hin waamtu akkasumas maatii abbaa manaa ishiitti maqaa garagaraa moggaafachuun yaamti.Barreeffamni armaan gadii yaada kana akka armaan gadiitti dhiyeessa.

Observance of 'laguu' usually begins the day of engagement. Husband, wife and relatives from both sides start avoiding mentioning the names of the different persons involved in the marriage relationships. The main reason for observing this custom is deferential: the wife explains to the others that the taboo-name is now so respectable that she cannot mention it. Of course, the degree of deference will vary from the husband and his parents downwards. This constraint is binding on the wife forever, including after the husband's death or after divorce. In law courts for example, when complaining against their husbands, wives usually refuse to tell the judges the names of the defendants for 'laguu' reasons.(myamba)

Akka yaada kanaatti guyyaa sirni gaa'ila gaggeeffamerra eegalee tan heerumteefi kan fuudhe akkasumas warreen intala heerumsiisaniifi irraa fuudhan maqaan wal waamuu ni lagatu. Inni kun garuu akkuma firummaan fagaachaa deemuun maqaan wal waamuun jiraatuus hamma tokko inuma mul'ata.

Haati manaa maqaa abbaa warraa ishii hin waamtu. Akka barreeffamarraa mul'atutti waldhabbiinuu muudatee wal hiikkaadhaaf mana abbaa murtii kan deemtu yoo ta'e rakkoo ishii himachuudhaaf maqaa abbaa manaa sana guuttee waamuu akka safeeffattu ibsa.

Akkasumaas Birhaanuu (2013:191) akka jedhutti "erga misirroowwan lamaan wal fuudhaanii wal wajjiin jiraachuu eegalanii maqaa waaliisaanii, kan abbaafi haadhaa walii waliisaanii, obbolootan waaliisaanii, kan waasilan waaliisaanii, eessumaafi adaadwwaan waliisaanii

akaakayyuu walii waliisaanii kallattiidhaan hin waaman. Kallattiin waamnaa laguufi kabajaa hawaasichi waliif qabutu caba waaan ta'eef kan lagu kana cabsee aargame ni jibbama. Yeroo maqaa gama lachuu jiru waamuu lagatan tooftaa gara garaatti fayyadamu.” Jechuudhaan ibsa

II. Hangafa kabajuu

Kabajni hangafaa ummata Oromoo biratti hedduu beekkamaadha.kabajaa kanaafis yeroo hedduu kallattimaan maqaan waamuurra jecha biraan waamuun lagu eeggachuun kan itti fayyadamamuudha. Akka fakkeeniyattis haasaa keessatti yogguu hangafniifi quxisuun waliin haasawan quxisichi maqaan waamuu irra ‘Isin’ jechuun irra deddeebi’ee waamuun kan waliin haasawaniidha.

2.5.2. Gochoota Laguu (taboo acts)

Laguun gochaa, gocha nuti raawwannu waliin kan wal qabatuudha.Isaan keessaayis akka fakkeeniyatti yoo kan ilaallu ta’e Oromoon mukkeen ciruu ni lagata keessattuu namni muka guddaa fi kichuu mure ykn cire nama lagu hojjateedha.Muka kichuu guddinarra jiru faaydaa tokkoof malee kan muru yoo ta’e akka nama daa’ima dhalattuu ajjeesetti ilaalama.

Akkasumas muka guddaa namni, loon, fi bineensonni jalatti boqatan kan akka gaaddisatti tajaajilaman muruun laguudha.namni muka akkanaa mures adabbii waaqarraayis namarraayis ni argata jedhamee sodaatama kanaaf ummata Oromoo biratti mukkeeniif kabajaan guddaan kan kennamuudha. Inni biraas Oromoon bineensota lafaa ka’ee hin ajjeesu namni lubbuu baase akka nama abaaramaatti ilaalama kanaaf binensota xixiqqoo ykn ilbiisotarraa eegalee hanga bineensota gurguddootti namni ajjeese waaqa biraa qooda homaatuu hin qabu jedhamee amanama.

Gochoonni lagu isaan biroo qaamolee saalaa dhiiraas yaata’u kan dubartii tuquun dhoowwaadha.Qaamonni saalaa biyyoota fi hawaasa hedduu keessatti ni lagatamu isa kana ammoo tuquun hedduu kan dhoowwameedha.

Dabalataaniis hayyoonni biroos yaaduma olii kana deeggaruun akkas jedhu“Taboo is any things which are forbidden to touch or even to talk about” (Gu, 2002) .Akka yaada kanaatti laguun. wanta hin tuqamne ykn hin dubbatamne jechuun eddo lamatti qooduun kaa’a

2.6. Dhiibbaa jechoonni lagu haasaa keessatti qaban

Namni tokko jechoota lagu kanneenitti kan fayyadamu wantoota adda addaa irraa ka'eeti isaan keessaayis aadaafi safuu hawaasa sanaa yoo hin beekne ta'e, yoo aare akkasumas qoosaawwan gara garaa irratti itti fayyadamuu danda'a. Jechoonni kunniin ammoo eddoo isaanii maleetti kan dubbataman yoo ta'e dubbataa sana dhagahamummaan isaa harkaa kan xiqqaatuufi namummaan (personality) isaas gadi bu'aa akka ta'u taasisa (Allan & Burrige, 2006).

Namni tokko hawaasa keessa jiraatu keessatti dhageettii dhabe jechuun ammoo jiruuf jireenya hawaasicha san waliin gaggeessurratti dhiibbaa guddaa itti fiduu danda'a. Inni kun ammoo adada baay'ataa dhufeen abbichumti akka of jibbuufi qaanfataa jiraatu kan taasisuudha

Although taboo is about words and expressions we are not supposed to utter, we find that people use such words almost daily. The use of taboo reflects many aspects, such as a person's emotional state at the time of uttering such terms (anger or frustration), or it can simply be an indicator of the speakers' values or beliefs, or even their personality (vulgar, or cool and hip, for example). The relationship between interlocutors and their audience, the context and the moral or cultural code and attitude of the society, all affect what is seen as taboo (Allan & Burrige, 2006)

Akka yaada armaan oliirraa hubatamutti jechoonni lagu jechoota dubbatamuu hin qabne ta'anis. Haasaa guyyuu taasifamu keessatti yeroo dubbatamu ni mul'ata. Namoonni jechoota lagu kana kan dubbatan yeroo aaran ykn dallanan ta'uu ibsa. Kun ammoo hamma fedhe ta'us dubbatichaafi dhaggeeffataa jiddutti rakkoo akka uumuu danda'u kan agarsiisiidha. Jechoonni lagu hawaasa tokko keessatti kan dubbataman yoo ta'e wal hubannaan haasaa guddaa hin jiraatu. Namni haasaa taasisu tokko jechoota lagu kana osoo hin eeggatin kan haasawu yoo ta'e jechichi hawaasa sanaaf jecha arrabsoo ta'uu danda'a waan ta'eef haasawicha gara waldhabbi birootti geessuu danda'a. Rakkoo kana jalaa bahuudhaaf ammo jalqabuma jechoota lagu kanneen kan hawaasicha biratti beekkaman addaan baafachuun haasaa taasisuun waan murteessaadha.

Akka 'Lakoff' jedhuttis

The importance of recognising taboo terms, and the ability to handle their interpretation in a sensitive manner stems from the fact that misunderstandings could easily arise when members from different communities meet and converse, and while one speaker may utter a phrase that indicates warmth in his own culture, it may be inadvertently offensive and insulting to the member of the other culture, the end result being that they part on bad terms (Lakoff, 1975).

Akka yaada kanaatti wal hubannaan gaariin haasaa keessatti jiraachuudhaaf jechoota lagu hawaasa sana biratti dubbatamu addaan baasanii beekuun murteessaadha. Jechoota lagu

sanniin hin beekne taanaan wal hubachuu dhabuun bifuma salphatti uumama. Namni tokko bakka hawaasni garagaraa walitti qabametti haasaa taasisuuf ka'ee jechoota lagu hawaasa sana biratti hin dubbatamne kan dubbatu yoo ta'e jechichi sun tarii hawaasichaaf arrabsoo ta'uu danda'a. inni kun ammoo gara wal dhabdeetti geessuu akka danda'u ibsa.

Kanaaf akka yaada armaan olitti namni tokko hawaasa biroo bira deemuudhaan haasaa gaggeessuun duratti jechoota lagu naannawa sanatti dubbataman adda baafachuun murteessaa akka ta'e kan agarsiisuudha.

2.7. Jechoota bakka buusaa ykn lagannaa (euphemism)

Jechoonni lagannaa jechoota jecha lagu sana bakka bu'uun tajaajilaniidha. Barreeffamni armaan gadiis hiika jechoota lagannaahaala itti aanuun ibsa

“Euphemism can be defined as an act of substituting an offensive or unpleasant word for a more pleasant one, there by veneering the truth by using kind words (Leech, 1981; Enright, 1985). Akka yaada kanaatti jechoonni lagannaa jechoota lagu bakka bu'uudhaan karaa safuu eeggateen jechoota itti fayyadamamanii ittiin walii galan tahuu mul'isa.

Allan fi Burridge (1991) akka jedhanitti “pragmatic approach towards understanding euphemisms which is simultaneously both speaker-oriented and hearer-oriented. Euphemism is used as an alternative to a dispreferred expression in order to avoid possible loss of face, either one's own or, by giving offense, that of the audience, or of some third party”. In other words, euphemism is a face saving mechanism which emphasizes mutual cooperation in a conversation.” jedhu.

Akka yaada kanaatti jechoonni lagannaa haasaa keessatti qaama haasawuufi kan haasaa dhageeffatu jiddutti nuffiin fi saalfiin akka hin jiraanneefi sirna haasaa gaariifi wal hubannaan akka jiraatu taasisuuf qooda olaanaa akka qabu agarsiisa. Akkasumas lagannaan haasaa keessatti haala haasofni sun gaggeeffamaa jiru irratti hundaa'uun kallattii adda addaatiin yaadichi akka hubatamu taasisuuf kan gargaaru ta'uu mul'isa.

2.8. Faaydaa jechoota bakka buusaa ykn lagannaa (use of euphemism)

Hawaasni kamuu laguufi lagannaa mataasaanii qabu jechoonni kunniin ammoo haala duudhaafi safuu ummattichaa osoo hin eeggatin itti fayyadamuun rakkoo qaba rakkoo sana hambisuuf ammo jechoota lagannaatti fayyadamuun gaariidha.

Jechoonni lagannaa kunniinis faaydaalee garagaraa qabu. Faaydaalee kanneen irratti ammo hayyoonni wantoota armaan gadii jedhu.

“In order to erase the harshness of taboo words, people have created euphemisms, words supplanted language considered too unpleasant. (Robert Burchfield, 1985). Akka yaada barreeffama kanaatti ilmi namaa saalfii ykn rifannoo yeroo jechoonni lagu haasa’aman ofirraa hambisuudhaaf jechoota lagannaatti fayyaadamuun akka waliigalan ibsa. kana jechuun namni tokko osoo haasawu jechoota lagu sana hin eegganne yoo ta’e dhageeffataan ni saalfata ykn ni rifata .Saalfiifi rifannoota kanarraa hafuudhaaf ammo jechoota lagu sana dhiisuudhaan kan biraa bakka buusuun itti fayyadamuun gaarii akka ta’eedha.

Itti dabalees “Euphemistic words and expressions allow us to talk about unpleasant things and neutralize the unpleasantness. They find dozens of expressions especially in the words of different jobs. Euphemisms make unpleasant jobs more attractive”. Lagannaan oomisha keessattis gahee ol aanaa akka qabu mul’isa. kunis akka fakkeenyaatti hojjisiisaan tokko akka feetee dubbachurra jechoota lagu sana eeggatee yoo fayyadame hojjattoonni isaa si’aawoo akka ta’aniifi walii galteen bareeda uumuu akka danda’u ibsa.

Walii galtee kana cimsuufis jalqabarratti jechoota lagu sanneen addaan baasanii beekuun faaydaa guddaa qaba. Kunis sababni isaa jechoota lagu sanneen yoo kan addaan baafatan ta’e lagaxhuun danda’ama waan ta’eef. Yaanni kunis haala armaan gadiitiin ibsama.

The importance of recognising taboo terms, and the ability to handle their interpretation in a sensitive manner stems from the fact that misunderstandings could easily arise when members from different communities meet and converse, and while one speaker may utter a phrase that indicates warmth in his own culture, it may be inadvertently offensive and insulting to the member of the other culture, the end result being that they part on bad terms (Lakoff, 1975).

Akka yaada kanaatti faaydaan jechoota lagu addaan baasanii beekuun, haasaa taasifamu keessatti namoonni eddo garagaraatii walitti dhufan jechoota lagu kanneen addaan baafachuun kan hin haasawamne yoo ta’e jechi isa tokkoof jecha sirrii ta’e kaaniif ammo arraba ta’uu danda’a kun ammoo wal hubannoon gaariin akka hin uumamne kan taasisu waan ta’eef jechoota lagu hawaasicha keessatti haasawaman addaan baafachuun beekuun faaydaa olaanaa akka qabu kan ibsuudha.

Mbaya (2002), akka ibsutti jechootni lagu “Taboo words and words like them must be observed by all the members of the society. Failure to do so can lead to punishment or public shame. But where possible, the use of such words can take place only in a restricted set of situations.” jechuun kaa’a.

2.9. Karaalee jechootni bakka buusaa ykn lagannaa ittiin uumaman (formation of euphemisms)

Ilmi namaa jechoota lagu dubbachuu dhiissuudhaaf kallattii garagaraatti fayyadamee jecha sana maqaa isaa kallattiin osoo hin waamin jecha biroo yaamun dhimma itti bahata, Jechoonni lagannaajecha lagu bakka bu’an ammoo karaa garagaraatiin uumammuu danda’u haala ykn karaalee jechoonni lagannaakunniin ittiin uumaman kan hayyoonni hedduun kaa’an akka armaan gadiitti ilaalla.

2.9.1. Jecha afaan biroo irraa ergifachuu (borrowing words from other languages)

Karaan jechoonni lagannaatiin uumaman keessaa tokko jecha lagu sana jecha afaan biraa irraa ergifachuun jechicha bakka buusuun itti fayyadamuudha. Hawaasni tokko hanga afaan dhalootaa ofiitiif eddoo kennu afaan birootiif eddoo guddaa kennuu dhabuu danda’a. Akkasumas hubannoon afaan isaatiin qabuufi kan afaan biraatiin argatu garagara waan ta’eef isa afaan biraatiin dubbatamuuf gurra guddaa hin kennu yoggas ammoo jecha lagu sana jecha afaan dhaloota isaa hin taaneen yoo bakka buufne hanga kaanitti hin lagatamu. (Williams, Allan fi Burridge)

Inni kun AfaanOromoo keessattis hedduu mul’ata keessattuu yeroo ammaa kanatti jechoota lagu ta’an guutummaan guututti dhiissuudhaan afaan biraatiin yaamu.

Fkn.hiriyaa (jaalallee) jechuudhaaf yeroo ammaa jecha afaan Ingiliizii ‘friend’ jedhutti fayyadamuun ibsu. Kunis dargaggeessi tokko ishiin fireendii kooti yoo jedhe hiriyummaa waliin jireenyaa,waliin deemuu,waliin guddatan osoo hin taane kan hanga sadarkaa saal qunnamtii waliin raawwachutti kan deeman ta’uu mul’isuuf kan itti fayyadamamuudha.

2.9.2. Hiika/xiiniika jijjiiruu (semantic changes)

Karaan ittiin jechoota lagu dhiifnee jechoota lagannaatiin waamnu inni biraa hiika jijjiiruudha. Inni kun hedduu wal xaxaafi bal’aa kan ta’e yoo ta’u nama afaan sana sirritti beekke karaa dubbii sanaa adda baasuu danda’uun xiinxalamee kan hubatamuudha. (Rawsonfi Keyes)

Afaan Oromoos karaa kanaan jechoota lagannaatti ni fayyadama Fkn “gad taa’e” yoo jenne taa’umsa mul’isuuf osoo hin taane jecha udaa*e jedhu bakka bu’uuf kan galaniidha

2.9.3. Danoomsuu

Danoomsuun baay’ina duraan ture dabaluu osoo hin taane kabajaadhaaf isa lakkoofsan qeenxee ta’e yoo waamnu hedduu fakkeessinee kan waamnuudha inni kun ammo Oromoo biratti hedduu kan beekkamuudha.Fkn.manguddoon tokkos yoo ta’e akka hedduutti waamama.

2.9.4. Garee jechaa jijjiiruu

Jechoonni lagu karaan ittiin jijjiiramee waamamu keessaa inni tokko garee jechootaa jijjiiruudha.Gareen jechootaa kan jijjiiramu jechoota lagu sana kallattiin waamuu diddaaf garee jechaa jijjiiruun waamuudha Fkn.ulfa(maqaa)→garaatti baatti(xumurtuu)

2.9.5. Jechoota (dubbii qolaatti) fayyadamuu

Dubbiin qolaa hedduun kan dubbataman akka namoonni hundi hin hubannettiifi yaada jecha sanaa addaan baasuudhaaf hamma tokko yeroo kan fudhatuufi xiinxallaa kan barbaaduu dha. Jechoonni dubbii qolaa kunniinis Afaan Oromoo keessa hedduminaan jiru. Dubbiin qolaa kunniinis hedduun isaanii jechoota lagu bakka bu’uun kan tajaajilan jiru Fkn. Hiyyeessaan hiyyeessa osoo hin taane harka qalleessa jedhu.

2.10. Yaxxinoota

2.10.1. Yaxxina Haasgocha (Speech Act Theory)

Yaaxxinni haasgochaa haasaa haalawa (pragmatic) ta’eef hedduu murteessaadha.Yaaxxina kanaaniis namoonni hedduu beekkaman Filosoofaroota akka Austin (1962), Searle (1969) fi Grice (1975) hedduu kan beekkamaniidha. ,

Akka yaaxxina kanaatti haasgochi haasaan yommuu gaggeeffamu gochaa mul’ifamuudha. Kunis namni haasaa gaggeessu tokko gochoota garagaraa mul’isuun yaada haasaa isaa ibsachuu danda’a yaada kana Austin (1962: 14) haala itti aanutti ibsiti. “Speech Act Theory shows the relationship between language and the context of use through providing a systematic classification of communicative intentions. expressions have the capacity to perform certain kinds of communicative acts such as giving instructions and asking questions...etc.”Akka yaada kanaatti haasgochi karaalee walitti dhufeenya afaaniifi waliigaltee kallattii garagaraan taasifamu

kan ibsu ta'uu ibsa. Ibsamoonni kunis dhaamsota karaa gochaatiin mul'atan kanneen akka ajajaa, gaaffilee garagaraa gaafachuu fi kkf of keessatti akka hammatu ibsa.

Kana jechuun namni tokko haasaa tokko yommuu gaggeessu gochi inni agarsiisu hedduutu jira. Gochoonni (act) kunniin ammoo eddoo ittiin mul'ifamaniifi mul'ifamuu hin qabne akka jirutti mul'isa.

2.10.2. Yaaxxina xinqooqa hawaasummaa (Sociolinguistic Theories)

Yaaxxinni xinqooqa hawaasummaa itti fayyadama lagu kutaalee hawaasaa haala garagaraa keessa jiran kan ilaallatuudha. Kutaan hawaasaa kunis garaagarummaa umrii, saala, aadaafi kkf qaban kan waliin jiraatan irratti kan xiyyeeffatuudha. "Sociolinguistics tries to study taboos in relation to certain social parameters including age, gender and the social class of the speaker. In other words, it tends to investigate how culture is reflected in language depending on some social factors". Inni kunis haala itti aanutti qoqqoodamanii dhiyaatan.

2.10.2.3. Itti fayyadama jechoota lagu saalaafi koorniyaa wal qabate

Haalli itti fayyadama jechoota lagu saala dhiiraafi dubaraatiin wal qabatee garaagarummaa qaba. Yaaxxinni kunis garaagarummaa jiru kana haala itti aanuun ibsa.

Over the years, scholars have been interested in language differences between males and females. While the earliest writers argue that women's language differs from that of men in terms of their choice of vocabulary and in the construction of sentences. Modern linguists have recognised the fact that there are factors influencing people's speech. Among these factors, we have sex and gender which are two major factors. The former expresses the biological features that distinguish males and females, whereas the latter refers to the social differences society imposes on sex. jedha

Akka yaada kanaatti garaagarummaan haasaa warreen dhiiraafi dubaraa jidduu akka jiru hayyoonni hedduun ni kaasuu. Barreessitoonni durii akka ibsanitti garaagarummaan afaanii kan dubartoonni dubbataniifi dhiironni dubbatanii, Dubartoonni warra dhiiraa caalaa jechootaafi himoota filachuun kan itti fayyadaman ta'uu ibsa. Warri xinqooqa ammayyaas wantoonni haasaa irratti dhiibbaa qaban jiraachuu ibsuun isaan keessaayis saalaafi korniyaan isaan ijoo ta'uu kan ibsuudha.

Dabalataaniis Holmes (1995) akka jedhutti “women tend to speak more politely and formally, since they regard themselves as being a subordinate group in society”. jechuun ibsa akka yaada kanaattis dubartoonni warra dhiirotaa caalaa haasaa lagu isaa eeggate akka haasawan ibsa.

Yaaduma kana cimsuun Lakoff (1975) akka ibsitetti “Men use direct questions in speech, while women often employ tag questions demonstrating greater timidity and uncertainty. Language differences lie in the unequal status of men and women in society since males usually dominate conversations and females are relatively powerless in their relationship. Hence, they tend to employ more polite forms in their conversations”. Akka yaada kanaatti hawaasa keessatti dubartoonni akka gadi aantummaatti waan ilaalamaniif haasaa yommuu haasawanis of eeggachuun jechoota filachuun akka haasawan ibsuun warri dhiiraa ammoo dubartoota caalaa haasaa kallattii akka haasawan ibsa.

Akkasumas Goddard fi Patterson (2005: 92) akka ibsanitti “Males have more linguistic freedom than females. While women are expected to be unobtrusive and quiet by society. And men who employ swear words are considered as real men”. Kana jechuun haasa keessatti warri dhiiraa yommuu haasawan bilisummaa qabu. Haata’u malee warri dubaraa akka cal’isootti fi hedduu hin haasofnetti tilmaamaman akkasumas dhiironni akka feete haasawan akka warra dhugaa dubbatanitti tilmaamamu jechuun kaa’a.

Coates (2003: 126) akka jedhutti “Women are more polite, indirect and collaborative in conversation, while men are more impolite, direct and competitive...” jedha kunis dubartoonni warra dhiiraa caalaa haasaa lagu eeggate tasgabii qabuufi karaa dalgaan kan haasawan ta’uu yommuu kaasu warri dhiiraa ammo akkafeteedhaan kallattimaan waan barbaadan akka dubbatan kan ibsuudha.

2.10.3. Sakattaa barruulee walitti dhiyeenya qabanii

Mata duree kana jalatti qorannoowwan mata duree kanaan kallattiin walitti dhufeenya qaban jraachuu baatanis, kanneen namoota biyya alaatiin aadaa biyya keenyaafi aadaa biyya alaa keessatti hojjetaman tokko tokkotu dhihaata. Qorannoowwan jechoota laguutiin walqabataniidhiyaatan ilaalchisee Mawega Mbya(2002) mata duree, “Lingustic Taboo in Africa Merriage Context: Astudy of the Oromoo Laguu „” jedhuun kan geggeeffame yaadirimee warroomi keessatti wantoota akka laguutti ilaalaman irratti kan xiyyeeffateedha.

Qorannoon kun jechoota lagu (laguu) gama warroomiin mul'atan hamma tokko baasee mul'isuu danda'eera. Jechoota lagataman sana duwwaa osoo hintaane kanneen isaan bakka buusanii itti fayyadamanis kaaseera. Kana malees, jiruufi jireenya hawaasa naannoo Arsii gama warroomiin jiru ibseera.

Akkasumas Nadia Ghounane(2013) mataduree, "A Sociolinguistic View of Taboo Language and Euphemisms in the Algerian Society: Attitudes and Beliefs in Tlemcen Speech Community" jedhu haala hawaasni Tlemcen Aljeeriya keessa jiraatu afaan Arabaa waliin walitti fiduudhaan akkaataa ittiin jechoota lagu tokko tokko lagatuudhaan jechoota biroon bakka buusuun fayyadaman irratti qorannoon gaggeeffameera .

Inni biraan ammo John Chigidi (2006) mata duree „Shona Taboos: The language of manufacturing Fears for Sustainable Development“ jedhu irratti qorannoo geggeessuun gahee jechoonni lagu guddina walitti fufaa uummata Shoonaa keessatti qabu irratti dhiyeessuun sodaawwan jechoota kanarraa kan ka'e guddina yookiin jijjiirama kan agarsiisedha. Qorannoon kuni jiruufi jireenya hawaasichaa keessatti namootni wantoota adda addaa lagachuun akka waliin jiraatan taasisuu keessatti gahee jechootni hawaasni Shoonaa qaban haalaan eeree jira. Qorannoon armaan olii lamaan kun qorannoo kana faana walitti dhufeenya isaan qaban, qorannoo inni duraa, jechootni lagu qorannicha keessatti dhiyaatan kan haallii itti fayyadamni isaanii kan hawaasa Oromoo waliin walitti dhufeenya gudda qaba. Qorannoo isa lammaffaa waliin ammoo waa'ee lagu ilaalchisees walitti dhufeenya kan qabudha. Garaagarummaan isaanii ammoo qorannoo isa jalqabaa waliin qorannoon kun jechoota lagu warroomii qofaa irratti kan xiyyeeffatu osoo hin tane, jechoota hawaasichi akka laguutti gama adda addaan gargaaramuu irratti kan xiyyeeffatudha. Isa lammaffaa waliin ammoo jechootni dhiyaatan, akkaataa isaanitti dhiyaatanfi aadaa isaan itti fayyadaman qorannoo kana waliin garaagarummaa baay'ee qabu.

BOQONNAA SADI: MALLEEN QORANNOO

3.1. Seensa

Qorannoon tokko gaggeeffamuudhaaf wantoota hedduu keessa dabruu qaba isaan keessaa inni tokko malleen qorannooti.

Malleen qorannoo yommuu jennu qorannichi gosoota qorannoo keessaa isa kamiin akka qophaa'e (qorannoo lakkoofsaa moo qorannoo qulqullinaa...),mala qorannoo kamiin akka ijaarame(qo'annaa addeessaa,qo'annaa waliin madaaluu...),malli eddattoo kam hojirra oole(mala carraa,mala eerumaa...),gaaffilee tools kamiin odeeffannoon akka funaaname (af-gaaffii,bar-gaaffii...)odeeffannoon funaaname sun mala kamiin akka ibsame (addeessuudhaan,sakatta'uudhaan)...kanneen jedhamu agarsiisa.

3.2. Gosa qorannoo

Qorannoon gosoota garagaraa qabaachuu danda'a. Gosti qorannoo kunis qabiyyeefi kayyoo qorannoon tokko gaggeeffamuuf irratti hundaa'uudhaan garaagarummaa qabaachuu danda'a.

Qorannoon kunis gosoota qorannoo jiran keessaa tokko ta'ee isa odeeffannoo gahaa qaama odeeffannoo kennuu irraa ittiin argamuu danda'uuf mijataa kan ta'e qorannoo qulqulleeffataati.

Qorannoon qulqulleeffataa (qualitative research) gosa qorannoo keessaa tokko ta'ee yeroo hedduu gaaffilee maaliif (why)? Akkasumas gaaffii akkamitti (how)? Jedhan deebisuuf qorannoon kun mijataa ta'uu hayyoonni deeggaran jiraachuu Dastaan(2013:29) barreesseera.

“Qualitative research is concerned with qualitative phenomenon involving quality. It is non-numerical, descriptive, applies reasoning and uses words. Its aim is to get the meaning, feeling and describe the situation” jedha.

Denzin and Lincoln (1994: 2) Qualitative research is a multi-method in focus, involving an interpretive, naturalistic approach to its subject matter. This means that qualitative researchers study things in their natural settings, attempting to make sense of, or interpret phenomena in terms of the meanings people bring them. Qualitative research involves the studied use and collection of a variety of empirical materials-case study, personal experience, introspective, life story, interview, observational, historical, interactional, and visual texts-that describe routine and problematic moments and meanings in people's lives.

Akkasumas qorannoon kun akeeka qorataa irratti hundaa’uudhaan qorannoowwan jiran keessaa bifa qorannoo addeessaa (ibsa) (descriptive research) kan ta’eedha. Gosti qorannoo kanaa dhimma hawaasummaa, kan siyaasaa, kan diinagdee, xiinsamuu, barnootaafi kkf tajaajila gaarii kenna (Dastaa, 2013)

Qorannoo ibsaa kanas mala akkamtaatti fayyadamuun kan qoratameedha. Malli akkamtaa kunis qorannoo ibsaaf mijataa ta’uusaa Addunyaan (2011:60) MalcolmSigh (2007) wabeeffachuun “malli akkamtaa haala jiruufi jireenya hawaasichaa ykn amala hawaasa sanaa akkaataafi bifa inni qabu, maal jechuu akka ta’e kan ittin xiinxalamudha” jechuun lafa kaa’a. Waan kana ta’eef, malli akkamtaa kun gaaffii akkamitti jedhuu kaasuun bal’inaan qorachuufis haala waan mijeeessuuf qorannoo kanaaf mala qorannoo jiran keessaa filatameera.

3.3. Meeshaalee ittiin odeeffannoon funaanname

Qorannoon tokko yommuu gaggeeffamu odeeffannoo quubsaafi gahaa ta’e argachuudhaaf meeshaan funaansa ragaalee itti fayyadamamu murteessaadha. Meeshaaleen funaansa ragaalee kunniinis qorannoo gaggeeffamuuf deemamu sanarratti hundaa’uudhaan qorannoon sun odeeffannoon irraa argamuu qabu akka irraa argamuuf kan tajaajilaniidha.

Haaluma kanaan qorataanis meeshaa ittiin isa odeeffannoo gahaa argachuu danda’a jedheen fi milkaa’ina qorannoo kanaaf karaa sirriifi bu’aa gaarii argamsiisuu danda’ajechuun murteesse meeshaalee armaan gadiitti tajaajila baheera.

3.3.1. Af-gaaffii (interview)

Af-gaaffiin meeshaa ittiin odeeffannoon funaanamuudha .yaada kana Dastaa(2013,111)akkas jechuun ibsa; “Af-gaaffiin gosoota odeeffannoon qorannoo ittiin funaanamu keessaa isa tokko ta’ee kan qorataafi odeef-kennaan(informant) fuulleetti walarganii odeeffannoo walii kennan” jechuun kaa’a. Kana jechuun qorataan qorannoo gaggeessuuf manaa bahe qaama irraa odeeffannoo argadha jedhu kallattimaan ijaa ijatti wal arguudhaan wantoota gaafachuu barbaade afaanumasaatiin od kennaarraa kan odeeffatuudha.

Interviews can be regarded as one of the foremost tools [...] not only for the purpose of obtaining qualitative data but also as a tool for measurement [...] Nevertheless, interviews are particularly valuable for obtaining data in situations where formality of a questionnaire would be less likely to elicit the desired information. Thus an interview can be used as an exploratory tool to suggest hypotheses and identify research variables as well as for studying relationships and testing hypotheses. (Taylor, Sinha and Ghoshal) jechuudhaan ibsu.

Kunis af gaaffiin mala ittiin odeeffannoo funaanan keessaa tokko ta'ee isa qorannoo qulqulleeffataaf qofa tajaajilu osoo hin taane qorannoo hammamtaatiifis kan fayyadu ta'uu ibsuun kunis odeeffannoo qulqulluu ta'e karaa ittiin argamu ta'uu ibsa.

3.3.2. Daawwannaa (observation)

Daawwannaan mala odeeffannoon qorannoo ittiin funaanaman keessaa tokkoodha. Qorataan iddoo qorannicha gaggeessutti yeroodhaa yerotti argamuun waan barbaade sana kan itti hordofuudha.

Haaluma kanaan qorataaniis haala hawaasichi jechoota laguutitti fayyadaman eddoolee gara garaatti ykn bakka sirni garagaraa itti raawwatamutti dhaquudhaan akkaataa ittiin safuu isaanii eeggachuun haasaa gaggeessuun sirna fixan irratti daawwannaa gaggeesseera

3.3.3. Sakatta'a Dookumantii (document)

Barreeffamoonni hedduun dhimmoota garagaraa irratti yeroo garagaraatti barreeffaman hedduutu jira. Qorataaniis barreeffamoota barraayanii jiran keessaa qorannoo kanaaf akka madda odeeffannootti kan ni tajaajilu jedhe jechoota laguu aanaa Gunaafi itti fayyadama isaanii irratti barreeffamoota barraayan sakatta'uun itti dhimma baheera.

3.4. Madda Ragaalee

Maddi ragaalee sadarkaa lama qabaachuu danda'a kunis madda raga sadarkaa tokkoffaafi madda ragaa sadarkaa lammaffaati. Maddi raga sadarkaa tokkoffaa raga qabatamaan jiru yommuu ta'u maddi raga sadarkaa lammaffaa ammoo raga gabaasaa ykn bakkichatti dhiyeenya kallattii hin qabneedha. Yaanni kunis haala armaan gadiin ibsama:

Primary source of data is the original documents are termed as Primary sources. While secondary source is an account or record of an historical event or circumstance one or more steps removed from an original history." Secondary sources are the reports of a person who relates the testimony of actual witness of, or participant in an event. The writer of the secondary source who was not on the scene of the event, merely reports what the person who was there said or wrote. Most history books and encyclopedias are the examples of secondary source. (Kerlinge)

Akka yaada kanaatti maddi raga sadarkaa tokkoffaa ragaalee qabatamaan eddichatti argaman yommuu ta'u maddi raga sadarkaa lammaffaa ammoo raga kallattii osoo hin taane gabaasawwan namarraa namatti taraniifii eddicharraa fageenya qaban ta'uu ibsa. kanaafis akka fakkeeniyatti kitaabbileen seenaafi Insaaykiloppiidiyaan akka madda raga lammaffaatti akka tajaajilan kaa'a.

Qorataan qorannoo kana gaggeessuudhaaf madda ragaa isa odeeffannoo gahaa irraa argadha jedhutti fayyadameera.

Kanumarraa ka'uudhaan qorataan jaarsolii biyyaa kanneen hawaasicha keessatti umrii guddaa jiraataniifi sirnoota adda addaa fixuudhaan hirmaannaa fi qooda olaanaa fudhachaa turan akka madda odeeffannoo sadarkaa tokkoffaatti kan itti fayyadame yommuu ta'u akka madda odeeffannoo sadarkaa lammaffaatti ammoo barruuwwan maxxanfamaniifi hin maxxanfamne kanneen waajjira aadaaf turizimii aanaa Gunaa keessa jirani fi kanneen birootti dhimma baheera.

3.5. Mala Iddattoofi iddatteessuu (sampling and sampling method)

Eddattoon qorannoo tokkoo qooddataa qorannichaa kan odeeffannoon irraa argamuudha. Qooddataan kun ammoo hawaasa bal'aa keessaa mala garagaraatiin filatamee odeeffannoo kan kennuudha. Sirni ittiin eddattono kun filatamu ammoo iddatteessuu jedama.

A sample is a small proportion of a population selected for observation and analysis. It is a collection consisting of a part or sub-set of the objects or individuals of population which is selected for the express purpose of representing the population. while Sampling, is the process of selecting a sample from the population. For this purpose, the population is divided into a number of parts called sampling units.” Goode and Hatt, (1968). jedhu.

Akka yaada kanaatti eddattoon qaama xiqqaa hawaasaa bal'aa bakka bu'uun odeeffannoon irraa argamu yommuu ta'u iddatteessuun ammoo sirna ittiin eddattoon filatamuudha jedhu .

Yaaduma armaan olii deeggaruudhaan Durrheim and Painter (2006: 44). Akka ibsanitti “The main aim of sampling is to select subjects that will be representative of the population and which will help the researcher to reach the solutions for the research problems. In other words, A sample is a selection of a subgroup of the population we intend to study [...] the sample has to be representative of the population from which it was drawn.”Jechuun ibsu.Akka yaada kanaatti iddatteessuun mala ittiin hawaasa bal'aa keessaa isa odeeffannoo gahaa qorannoo sanaaf barbaachisu ittiin filataniidha.Akkasumas eddttoon ammoo qaama hawaasa bal'aa sana keessaa bakka bu'uun odeeffannoon irraa argamu ta'uu ibsa .

Qorataan qorannoo kana gaggeessuuf mala iddattoon ittiin filamu keessaa iddattoo miti carraa fayyadameera. Kanumaan walqabatee,qorattichi gosa iddatteessuu miti carraa kana keessaa

immoo gosa tokko kan ta'e iddateessuu akkayyoo ykn kaayyeffamaatti (purposive sampling) fayyadamee jira. Sababni isaas, iddatoon filatamaan kun qabiyyee qorannichaafi kaayyoo qorattichaarratti waan hundaa'aniifiidha." Akkayyoo kan jedhames; akka kaayyoo qorannichaatti yookaan qorattichaatti odeefataa ykn deebistoota filachuu waan ta'eefi dha. (Addunyaa, 2011:67). Kun ammoo, odeeffannoo barbaachisaafi qabatamaa qaama hubannoo dhimmichaa qaburraa kallatumaan argachuuf yaadameeti.

"purposive sampling is selected by some arbitrary method because it is known to be representative of the total population, or it is known that it will produce well matched groups. The idea is to pick out the sample in relation to criterion which are considered important for the particular study. This method is appropriate when the study places special emphasis upon the control of certain specific variables".(W.G. Cochran)

Haaluma kanaan qorataan manguddoota Aanaa Gunaa jiran irraa ganda tokko keessaa manguddoota odeeffannoo kennuu danda'an saddeet saddeet yookin ganda tokkotti dhi=5, du=3 ganda baadiyyaa tokkorraa kan filataman yommuu ta'u waliigala akka gandoota baadiyyaatti dhi=80, du=48 walumatti 128 kan filataman yommuu ta'u bulchiinsa magaalalee irraa ammoo shan shan yookiin bulchiinsa magaalaa tokkorraa dhi=3, du=2 walumaa gala dhi=9, du=6 walitti 15 filachuun walumaa gala manguddoota waliigala aanichaa dhi=89, du=54 walumatti 143 (dhibba tokkoof afurtamii sadi) hirmaattota qorannichaa ta'uudhaan odeeffannoo kennuu irratti hirmaataniiru.

3.6. Akkaataa qaaccessa ragaalee

Malli qaaccessa ragaalee, odeeffannoowwan madda garagaraa irraa argaman walitti qabuun duraa duubaan hiika itti kennuun qaaccessuu jechuudha. Inni kun ammoo ragaan kuufame kallattii sirriin akka hubatamuuf akkasumas bu'aa qorannichaa sirnaan ibsuuf kan gargaaruudha.

Yaada kanas. F.L. Whitney, haala itti aanu kanaan ibsa.

Interprating means an adequate exposition of the true meaning of the material presented in terms of the purposes of the study being reported and of the chapter and section topic involved. And the following are the main purposes of interpretation of data or results; (i) To throw light on the real significance of the material in the context. (ii) To understand implications of the data. (iii) To provide hints of conclusions and recommendations of the researcher. (iv) To show the values of greatest worth that has resulted from the research. (v) To refer important generalization

Akka yaada kanaatti qaaccessuu jechuun karaa filatamaa ta'een fi hiika qabeessa qabuun hojii qorannoo keessatti dalagameefi argannoosaa kutaalee ykn boqonnaadhaan qoqqooduun dhiyeessuu akka ta'e ibsa. Inni kun ammoo faaydawwan akka qabiyyeen qorannichaa maal akka ta'e hubachiisuuf, funaansi ragaalee akkam akka fakkaatu ibsuuf, xiyyeeffannoonfi argannoon qorannichaa maal akka ta'e hubachiisuuf qaaccessi ragaalee haala gaariin qindaawuu akka qabu ibsa.

Haaluma kanaan qorataanis odeeffannowwan madda adda addaa irraa argate karaa mala qorannoo qulqulleeffataan qaaccessessee jira.

Kunis jechoota lagu naannichatti hin dubbatamne manguddootarraa funaanuudhaan haala waaminsa jechoota lagu sanniiniif jechoota bakka bu'uun tajaajilan kutaa kutaan addaan qooduun erga qaaccessessee booda sababa lagannaakanaatiif ibsa waa'ee jechichaa bal'inaan kaa'ameera.

Dabalataaniis jechoonni lagu kunniin lagatamuun itti fayyadamuudhaaf jechicha kallattii garagaraatti jijjiiruun kan itti fayyadamamaa jiru yommuu ta'u haalli uumama jechoota safeeffannaas karaa seerlugaatiin qaacceffamuun ibsamaniiru.

BOQONNAA AFUR: QAACCESSA ODEEFFANNOO

4.1. Seensa

Boqonnaan kun eddoo qaaccessa odeeffannoolee madda garagaraatii karaa meeshaalee odeeffannoo ittiin funaanname af-gaaffii daawwannaa akkasumas sakattaa dokumantiin argamanii funaanaman qaaccessuudhaan ibsi bal'aan itti kennamuudha.

Haaluma kanaan jechoonni fi gochoonni lagu funaanaman kunneen sababa isaan lagatamaniif waliin kutaa kutaadhaan qindaa'uun sababa lagatamaniifi akkaataa bakka buusasaatiin wal qabatee ibsi gahaan kutaa kutaan itti kennameera

4.2. Jechoota lagu fi bakka buusasaa (taboo words and its euphemism)

Jechoonni lagu jechoota maqaan isaanii haasaa keessatti hin tuqamneedha. Jechoota lagu sanniinis akkaataa nama hin saalfachiinetti ykn hin sodaachifnetti jechoota birootiin bakka buusuudhaan itti fayyadamama

4.2.1. Jechoota lagu dhibee fi du'aan wal qabatan fi bakka buusasaanii

Ummanni Oromoo jechoota lagatan keessaa tokko taatewwan dhala namaa irratti ta'uu hin qabne jedhanii sodaatan maqaasaa waamuu ni lagatu. Akkuma kana hawaasni aanaa Gunaatiis jechoota lagatan ni qabu. Isa kanas haala gabatee armaan gadiin erga tarreeffaman booda sababa lagataniifi akkamitti jecha lagu kana akka itti waaman ibsi gahaan itti kennameera.

Maraate/tte (namaaf); Jereenya keessatti ilmi namaa rakkoo sammuu horachuun maraachuu ni danda'a. Namni maraate kunis hawaasummaa keessatti jiruuf jireenya qixa sirrii hawaasichi ittiin gaggeeffatu waliin wal qixatti gaggeeffatuun ni rakkisa. Nama maraate kanaanis maraate jedhanii waamuun ni sodaatama. kanaaf laguudha mataatu tuqame jechuun waamama. Sababni lagatamuufis boru nu qunnamuu danda'a jedhamee waan sodaatamuufiidha.

Ajjeese; Oromoo biratti nama ajjeesuun gocha akka maleefi lagatamaadha. Namni nama ajjeese nama lagu guddaa hojjateedha. kanaaf jechi ajjeese jedhus gocha hamaa kanarraa kan dhufe waan taheef jechichatti fayyadamuun hedduu kan nama sodaachisuudha.

Du'e/duute: wantoota haala malee sodaatamu keessaa hangafti du'a. Ilmi namaa du'a jaalatu hin jiru. Jireenyasaa guutuus wanti inni irraa of eegu du'a. Du'a jalaa of baraaruufis nyaata nyaata, nyaata kana argachuufis halkanii guyyaa hojjata.

Inni biraa dhalli namaa dhibee irraa of eeguudhaaf uffataa hanga mana yaalaa uummatee itti of wal'aanuun sodaa du'aati. Hanga ammatti du'a oolchuun dadhabamus lubbuu du'arraa achi dheereffachuuf jecha dadhabbiin ilma namaa hedduudha.

Kanaaf duuti wanta hangana sodaatamtu waan taateef akkasumas nama jaalattu haadhas haa ta'u abbaa osoma jaalatan kan nama harkaa fudhattu du'a waan ta'eef maqaasaa dhahuun akka laguutti ilaallama. kanaaf nama du'e tokkoon du'e jedhanii waamuurra boqate yookaan amrii ta'e/amrii taate ykn gara fuula rabbii deeme/te jedhanii waamuun lagu eeggachuudhaan itti fayyadamu.

Maraatte (Sareef); sababa dhukkuba qaama saree keessaa kaa'uun sareen ni maraatti. Nama, saree, bineensota biro osoo hin jedhin hundumaayyuu ni ciniinti. Ciniinsa ishii kanaaniis dhibeen namatti ykn loon fi kkf tti dabruun namaafi loonis maraachuu danda'a. keessattuu yeroo hedduu loon irratti dhibeen kun ni mul'ata. Loon dhibee kanaan qabame fayyisuun rakkisaa ta'uufi tuttuqqiin wayii yoo jiraate kan itti aanutti tara waan ta'eef dhibee hedduu sodaatamaa ta'eedha. Ummanni Oromoos looniif eddo guddaa waan kennuuf dhibeen kun gara loon isaanitti akka hin dabarreef of eeggannoo cimaa godhu. Sodaa kanaafiis maqaasaa dhahuurraa of qusatu ni lagatu. Sareen waan ofii kaafte jedhu.

Guddisuu (ilmoo saree); Akka aanaa Gunaatti namni ilmoo saree guddisaa jiru tokko ilmoo saree guddisa jedhee hin dubbatu ni xiqqeessa jedhama malee. Kunis akka baratamatti ilmoon saree yeroo hedduu guddifachuuf yogguu fudhatan nama harkaa duuti. Sababni du'aatii isaanii kunis ijatu nyaate jedhamee waan amanamuufiidha. Kanarraa ka'uudhaanis ilmoo saree guddisuu kan jedhurra xiqqeessuu kan jedhutti yoo fayyadamame hamma tokko ijaan nyaatamurraa ni baraarti jechuun amanama. Sababa jecha guddisuu jedhutti yoo kan fayyadamnu taate ilmoon saree suni nu jalaa duuti jechuun sodaa irraa kan ka'e jecha ilmoo saree guddisuu jedhu ni lagatu.

Duute (haadha manaa); Duuti hamma har'atti bakka bu'ummaa kallattii kan hin qabneefi deebi'uunis kan hin danda'amneedha. Namoota jireenya biyya lafaa kanarrati waliin walitti hirkatanii jireenya gaggeessan kan addaan baasu inni duraa du'a.

Maatii tokko keessaayis haati manaa boqachuun dhiibbaa guddaa qaba. Kunis haati manaa yoo jiraatte yeroodhaa yerootti abiddi manaa hin dhamu mannis ni oo'a maatiinis gammadoo ta'u.

Gaafa haati manaa boqatte ammo manni namatti qabbanaa'a maatiiniis jaalala guddaa hin qabaatan mannis gara bittannaa'uuti deema . Kanaaf jecha duute jedhu kana safeeffachuudhaan nama jalaaa niitiin duuteen abalu jalaa abiddi dhaame (abiddata dhaame) jechuun itti fayyadamu.

Duute (daa'imaaf); daa'imti duute hin jedhamtu deebite jedhamti. Ilma namaa biratti wanta sodachisoo ta'e keessa inni guddaan du'aadha duuti kan hin oolle taatus irra deddeebi'uun jecha kanatti yoo kan fayyadamnu ta'e duuti daddaftee nu bira dhufi jedhamee waan amanamuuf akka aanaa Gunaatti daa'ima akkuma dhalatteen duuten; duute jechuun laguudha. Jecha duute jedhu kana dhiisuun jecha deebite jedhutti kan fayyadamamuudha.

Inni biraa jecha du'e ykn duute jedhu kana kallattumaan itti fayyadamuun nama du'e sana firasaaf kallattiin itti kan himamu yoo ta'e, firri dhagahe rifachuudhaan ufiisaatiifuu rakkorra bu'uun hanga sadarkaa du'aatti gaha jedhamee waan sodaatamuuf kallattiin itti fayyadamuun laguudha.

Dhibame/te: Oromoo biratti jechi biraa akka laguutti ilaalamu jecha dhibame yookaan dhibamte jedhutti kallattiin fayyadamuudha. Jecha kana akka gurra namaaf tolutti yaamuudhaaf jechoota akka fayyaa dhabe ykn faara dhabeetti dhimma bahama

4.2.2. Jechootta lagu saalaafi qaamolee saalaatiin wal qabatan

Jechoonni saalaafi maqaan qaamolee saalaa hawaasa keessatti yeroo hedduu maqaasaanii akka feetedhaan hin haasawamu. Jecha sana waamuufis karaa aadaafi duudhaa hawaasichaa ittiin eeggateen jecha biratti dhimma bahamuun kan ittiin walii galamaniidha. Jechoonni kunis kan uumaman saalfii hambisuuf ykn xiqqeessuufii dha. Jechoonni kunniinis haala itti aanuun dhiyaatu.

Qaama saalaa dubartii (muee) ;** Qaamota saalaa akkuma fedhanitti eddoo fi yeroma arganitti waamuun laguudha. Akkuma maqaa irraa hubannutti qaama saalaa jechuun qaama saalfii qabu kan jedhurraa kan dhufeefi maqaa isaa akka feetedhaan waamuun hedduu kan nama saalfachiisu ta'uusaati.

Haasaan tokko kan haasawamu kutaa hawaasaa garagaraa keessattiidha. Kunis daa'imman, manguddoota, soddaafi soddaatii jidduutti ta'uu danda'a. kanaaf namni tokko osoo haasaa hin eegalin eenyu waliin haasawaa akka jiru adda baafachuun murteessaadha. Keessattuu Oromoo Gunaa biratti soddaafi soddaatii bira taa'anii waa'ee qaamota saalaa dubbachuun

laguudha. Kanaaf eddoo sanatti shamee jedhamee kan dubbatamu yoo ta'e hamma tokko saalfiin ni xiqqaata jechuudha.

Qaama saalaa dhiiraa (qun*roo);** Akkuma qaama saalaa dubartii maqaan waamuun lagu ta'etti qaama saalaa dhiiraas maqaan waamuun laguudha. Eddoo sanas ulaandhula jedhanii yoo yaaman hamma tokko lagu kan eeggateedha.

Hudduu; hudduu jedhanii waamuun laguudha taa'umsa ykn tafa jedhamee waamama. Hudduun qaama gara duubatti argamuufi yeroo hedduu taa'umsaaf itti fayyadamnuudha. Akkasumas qaamota saalaa keessatti ramadamuun jecha lagu ta'eedha. Kanaaf jecha kana waamuudhaaf yeroo baay'ee taa'umsa jechuun waamu akkasumas 'tafa' jechuunis ni waamama . jechi tafa jedhu yeroo hedduu jecha afaan Amaaraa keessatti tajaajilaaf oolu ta'us akka aanaa Gunaatti tajaajilarra kan ooluudha.

Gudeede; Akkuma seera biratti gudeeddiin seeraan dhoorkamaafi yakka olaanaa ta'etti ummata Oromoo birattis gudeeddiin gocha lagatamaafi gocha gad aantummaadha. Namni dubartii takka seeran ala gudeede adabbii ol aanaatu manguddoo biyyaatirraa isa eeggata.

Gocha lagatamaa kanas jechaan waamuunis ni lagatama kanaaf jecha gudeede jedhu irra deddeebi'anii waamuun kan nama qaanessu waan ta'eef hammate jechuudhaan itti fayyadamu.

Durbummaa dhabde; durbummaan ummata Oromoo biratti kabajaa guddaa kan qabuufi dubartiin takka dhalattee gahoomtee hanga heerumtutti dhiiratti kalaawuu akka hin qabne of eeggannoo guddaa taasisa.

Dubartiin takka yommuu heerumtus jalqabarratti akka madaallii jabinatti kan ilaalamu durbummaa qabaachuu isiiti. Durbummaa osoo hin qabaatiin kan heerumtu yoo ta'e halangeedhaan dhaananti. Namaa namatti garaagarummaa qabaatus hanga warratti ofirraa deebisuutti kan deemamuudha. Yoggas ammo ishee waliin kan saalfatu maatii ishee guutuudha.

Kanaaf durbummaa yeroo isaa malee dhabuun lagu bira dabreeyyuu fayyummaa isheetiifis murteessaadha. Dubartiin takka osoo umriin ishee hin geenye durbummaa kan dhabdu yoo ta'e dhibeewwan gurguddoo akka feestullaafi dhala dhabuutti deema waan ta'eef durbummaa dhabuun laguufi saalfiidha.

Kanarraa ka'udhaan Oromoo biratti dubartiin yeroo malee durbummaa dhabde eenyummaan isheetiis gadi bu'aa ta'a kabajaa guddaas hawaasa biratti hin argattu. Kanaaf durbummaa dhabuun gocha lagu waan ta'eef jechicha kallattiin waamuu safeeffachuudhaan sabbata hiikkatte jechuun dalga qabanii waamun itti fayyadamu.

Nadhoo ; nadhoon dubartii durbummaa hin qabneen jedhama. Kabajaan dubartii hunda caalaa durbummaa qabaachuu ishiitiin kan madaalamu yommuu ta'u, namni tokko dubartii durbummaa hin qabne kan fuudhe yoo ta'e nadhoo fuudhe jedhanii hamachuun ni mul'ata nadhoon kallattumaan tan durbummaa hin qabneen kan wal qabatu waan ta'eef nadhoo jechuu irra beera yoo jedhame gurratti tola.

4.2.3. Jechoota lagu hawaasummaan wal qaabatan

Jechoonni lagu hawaasummaan wal qaabatan namni tokko hwaliin sirnaan jiraachuudhaaf waantoota taasisuu hin qqabne hedduutu jira. Wantoota taaasisuu hin qabne sana taasisee yeroo argame wantuma inni raawwate sana jechaan ibsuufuu Oromoon aanaa Gunaa karaa safuusaaaa eeggateen jecha biraatiin bakka buusee cinaa qabee ibsa.kunis akka itti aanutti dhiyaataniiru

Kijibuu; Nama kijibu tokkoon kallattiin ni kijiba hin jedhaniin dubbii oofa jedhaniin. Kijibni laguudha, namni kijibu tokko hawaasa keessatti fudhatama hin qabu. Hawaasa keessatti fudhatama dhabuun ammoo abbichaaf miidhaa hammana hin jedhamne qaba. Akkasumas namni kamuu dhalli isaa akka kijiba baratu hin barbaadu. Ilmaan isaas kijiba kanarraa akka fagaatuuf jecha jechuma kijiba jedhu kana maqaa dhahuu lagaxhuun jecha biraatiin waama. Kunis ebalu ni kijibe jechuurra dubbii oofa jechuun bakka buusuun waamu.

Hattuu; Hanni gocha jibbisiisaafi qaanfachiisaadhadha. Maatii tokko keessaa namni tokko kan hatu yoo ta'e maatiin warra sanii hundi hawaasa biratti maqaa nama sanaatiin ni qaanfatu ykn ni saalfatu. Kanarraa kan ka'e akkuma gochi hanaa lagu ta'etti jechumti hattuu jedhus ni lagatama. Jecha kana maqaa dhahuu diddaafis jecha biratti fayyadamuun waamu kunis jechama harkaan deema jedhutti fayyadamuun nama hatu kan ittiin ibsaniidha.

Kajeeltu; kajeeluun dhabanii qofa osoo hin taane osoma qaban kan nama biroo hawwuudha. Kun ammoo amala malee dhaba irraa kan ka'ee miti .Inumaayyuu yeroo tokko tokko nyaannumti mana isaatti itti hin mi'oofne mana nama biraatti akka nyaata filatamaa ta'eetti kan nyaatutu mul'ata.kun ammo hedduu kan nama qaanfachiisuufi namummaa keessaallee kan nama

baasuudha .Kanammoo Oromoon dhala isaa keessan akka hin baaneef ni balaaleffata ni lagatas kanarraa ka'udhaanis jicha kajeeltu jedhu kana kallattiin waamuurraa of qusachuun ebalu harka nama laala jedhanii kajeeltu ta'uusaa ibsu.

Boonuu; Boonuun gocha gaariis gadhees ta'eedha. Gaarii kan ta'u waan hawaasaaf ofii keetiif fayyadu waan gaarii taasisteerta yoo ta'e gaariidha.

Haa ta'u malee otuma waan tokkollee hawaasaaf hin hojjatin ofiifis maatiiniis rakkataa ta'ee osoo jiruu akka waan nama waan guddaa hojjatee qabuutti kan boontu yoo ta'e gocha gadheefi hawaasa birattis fudhatama hin qabneedha. Kanaaf gochi akkanaa kan nama saalfachiisuufi lagatamuudha. Jecha kana safeeffachuudhaan ofirra dhaabbata jedhanii waamuun itti tajaajilamu.

4.2.4. Jechoota lagu taatee uumamaan wal qabatan

Jechoonni lagu taatee uumamaan wal qabatan taateewwan tasa uumamaan namarraa gahuudha. Taatee sanniinis kallattiin waamuun ni lagatama. Kanaaf dalga qabuudhaan jecha birootiin bakka buusuun waamu ykn ibsu.

Bakakkaa :Jechi bakakkaa jedhu Oromoo Gunaa biratti hedduu maqaansaa hin dhawamu. Akkuma beekamu bakakkaan ennaa buute balaan ishiin geessitu guddaadha. Mana gubuu, loon ajjeesuu, mukkeen gurguddaa rukutuun damee irraa muruu hanga dhangalaasuutti akkasumas manatti bu'uun mana gubdee hanga nama mana keessa jiru ajjeesuutti deemuun qabeenyaafi lubbuu hedduu balleessiti. Kanarraa ka'udhaan bakakkaa jedhanii maqaa dhahuun ni sodaatama. Kunis yoo maqaa kana kan waaman taate waaqni dhagahee bakakkaa nutti darbata jedhamee amanama waan ta'eef maqaan hin dhayamu.

Keessattuu maatiin tokko galgala yommuu abidda biratti wal gahu waa'ee bakakkaa kaasani haasa'uun hin danda'amu maatiin mana sanaa ijoolleen yoo kan waa'eesaa haasoftu taate dallanuun akka waa'ee sana haasa'uu dhaaban itti himu inumaayyuu kan sodaate keessaa ka'ee gara biraa deema.

Kanaaf bakakkaa jedhanii waamuu ni sodaatu waan ta'eef ni lagatu. jechicha dhiisuudhaan waan waaqaa jechuun waamu.

Bukkee; Jechi bukkee jedhu jecha laguuti. Bukkee jechuun naama ilma argachuu hin dandeenye ykn dhalchuu hin dandeenyedha. Kunis dhiiraaaf kan jedhamu yoo tahu dhiirti tokko haadha manaa fuudhee waggootaniitti ilma argachuu hin dandeenye yoo tahe ni bukkoome jedhamee

sodaatama. Isa kana addaan baafachuufis haaadha manaa biraa itti fuudhuudhaan ilaalu. Ammaas daa'ima hin aarganne yoo ta'he bukkee tahuunsaa ni dhugooma jechuudha. Kanaaf jecha bukkee jedhu kana kan fayydaamnu yoo ta'he snyii koo keessaanis ni dhalata jedhanii waan sodaatamuuf jacha kanaa maqaaa dhahuun saafuudha. Isa kana ibsuufis dhabaadha jechuun namichi dhalchuu akka hin dandeenye ibsu.

Maseena ; dubartiin hin deenne ykn dahuu hin daandeenye maseena jedhamti haa ta'u malee maseena jedhanii waamuun saafuudha. Dubartii dahuu hin daandeenye takka irra deddeebi'uun maseena jedhanii yoo kan waaman ta'he maatii keenya keessas maseenni dhalatuu dandeessi waan jedhamuuf maseena jecha jedhu safeeffachuudhaan dhabduu jechuun itti fayyadamu.

Manni gubate ; Manni nama harkaa yommuu gubatu manni gubate hin jedhamu. Mana bishaan keessa yaa'e jedhama. Wantoota bu'uura jireenya ilma namaaf barbaachisan keessaa tokko mana. Manni eddo jireenya ilma namaafi bineensota mana galaniiti kanaaf namni kamuu manni akka irraa gubatu hin barbaadu.

Akkasumas manni tokko kan gubatu yoo ta'e mana sana keessa wantoonni gubatan hedduudha.isaan keessaayis wantoonni akka lubbuu namaa ijoollee daa'imman irraa hanga manguddootatti ,qabeenya akka midhaaniifi kanneen biro akkasumas lubbu qabeeyyiin akka looniifi bushaayees keessa gubachuu danda'u

Sodaa kanarraa kan ka'es jecha manni gubate jedhu kana dubbatuu ni sodaatu .Kunis jecha kana kan waamnu yoo ta'e manni keenya nu jalaa gubata jedhaniif safeeffachuudhaan bishaan keessa yaa'e jechuun waamu.

Akka aanaa Gunaattis nama ajjeesuun laguudha waan ta'eef jecha ajjeese jedhu kana yaamuunis laguudha. Kanarraa ka'uudhaan nama nama ajjeeseen ajjeese jechuu dhiisanii harkatu deeme jedhanii waamu.

Keessattuu Oromoon nama nama ajjeese irraa gumaa baasu gumaan kunis kan bahu qabeenyi gosa irraa sassaabameeti. Gosa kana qabeenya gaafachuufis maqaa nama nama ajjeesee sana dhahuudhaan Ebalu "harki deemee" waan qabdan gargaaraa jedhanii kadhataniifii gumaa irraa kaffalu.

4.2.5. Jechoota lagu xuraawaa qaama bahuun wal qabate

Jechoota lagu keessaa inni tokko jechoota ykn maqaalee xuraawaa qaama bahanii maqaasaanii waamuu dhiisuudha. Isaanis maqaasaanii waamuudhaaf jechoota biroon bakka buusuudhaan waamamu

Haqqisuu; Namni yommuu haqqisu haqqise hin jedhamu ol deebise jedhama. Haqqeen dhibee ulfaataafi du'aafis nama geessuu danda'uudha. Ilmi namaas nama haqqisu argee kan gammachuun itti dhagahamu hin jiru. Kanaaf haqqeen dhibee sodaatamaa ta'uurraa kan ka'e jechicha yaamuun ni sodaatama eddo isaas jecha ol deebise jedhutti fayyadamuun kan waamamuudha.

Laguu ; Laguun xuraawaa qaama dubartii keessaa bahuudha. Yeroo hedduu wanti qaama namaa keessaa bahu wantoota lagatamaniidha. Kanarraa ka'uudhaan lagu qabdi jedhanii waamuurra duugda qabdi yoo jedhan gurratti tola waan taheef duugdatu irra jira/duugda qabdi jechuun itti fayyadamu.

Udaane/te; udaan xuraawaa qaama keessaa bahuudha. Xuraawaan kun ammo eddo barbaachisu yoo hin jiraanne dhukkuba biraa fiduu danda'a.fkn namni tokko mana ofii isaatii galutti boolii baha yoo tahe dhibeen ennasuma qabachuu danda'a.kanaaf maqaasaa guutuu dhahuun kan nama saalfachiisu yommuu ta'u jechicha bakka buusuudhaanis gad taa'e ykn boolii bahe jechuun waamu.

Dhuufe/te; yeroo hedduu wanti qaama keessaa bahu ni lagatama. Dhuufuunis xuraawaa qaama keessaa bahu waan ta'eef ni lagatama. Kunis eddo namoonni hedduun itti walitti qabamanii jiranitti namni tokko kan dhuufu yoo ta'e namoota achi jiran hundaa jeequu danda'a kanaaf nama biratti dhuufuun nama sana jeequudha waan ta'eef jecha dhuufuu jedhu safeeffachuudhaan hafuura baafate jechuun itti fayyadamu. Fkn namoota waliin taa'an biratti daa'imti takka ykn sareen dhuftee kan itti dhuufu yoo ta'e sareen ykn daa'imti hafuura nutti baafatte jechuun ofirraa oofu.

4.2.6. Laguu maqaa bineensotaa waamuudhaan wal qabate

Bineensonni tokko tokko qabeenya ilma namaa barbadeessuudhaan ilma namaa miidhaa irraan gahu. Kanaaf ummanni Oromoo bineensota akkasii kanneen maqaasaanii kallattiin waamuu ni lagatu.

Waraabessa; Oromoon loon horsiisuun beekkama. loon isaafis eddo guddaa kennaaf. wanti loon isaa harkaa miidhu kamuu ammo diina isaati. Waraabessis bineensota loon nama harkaa nyaatan keessaa isa tokkoodha. Sababa kanaaf maqaa waraabessaa waamuun akka waan waraabessichi dhagahee loon isaanii harkaa nyaatuutti ilaalama waan ta'eef maqaa dhahuun ni sodaatama. Kanas hadeeda ykn hadeeta jechuun waamu.

Booyyee; Akkuma loon horsiisuun beekkamu Oromoon midhaan oomishuunis ni beekkama. Midhaan oomishaman kana keessaayis tokko midhaan qaraati .Midhaan qaraa oomishaman kana ammo booyyeen nyaachuun beekkama .Akk aanaa kanaattis oomishni boqqoolloo hedduu kan beekkamu yommuu ta'u boqqoolloo kanas halkan erga namni rafee dhufee harka nyachuun caccabsee daaresssee kan biraa deemu bineensa booyyee jedhamu waan ta'eef maqaa isaa kana dhahuun ni sodaatama. Keessattuu halkan walakkeessa keessa yeroo roobni cimaan jirutti fi hirribni guddaan nama qabutti bosonaa bahee dhufuudhaan kan namni akaafee, aramee gahuudhaaf eeggatu inni guyyaa tokkotti daaresssee biraa deema. Kanarraa kan ka'e maqaa isaa kana kan waaman yoo ta'e erga nu rafne eeggatee midhaan keenya nu harkaa nyaata jedhamee sodaatama. Sodaa kanarraa ka'uudhaanis jecha booyyee jedhu safeeffachuudhaan bineensa halkanii jechuun waamu.

4.2.7. Jechoota lagu Kabajaa mul'isuuf lagataman fi bakka buusaasaa (politeness)

Oromoo biratti kabajaan eddoo guddaa qaba. Ilmi akkuma tartiiba dhalateetiin hangafummaan wal kabaja. Kallattiidhaan maqaa wal waamuun laguudha. haadhaafi abbaan akkasumas firoonni dhihoo haaluma dhiyenna isaanitiin wal kabajaa wal waamu. Kutaa kana jalattis itti fayyadama jechoota kanneenii haala ittiin bifa kabajaatiin maqaa wal waaman haala itti aanutti dhiyaataniiru.

Dubarri heerumte abbaa manaashee maqaan hin waamtu; Dubarri takka yommuu heerumtu mana duraan turterraa gara mana birootti deemti. Maatii duraan beekturraayis deemuudhaan maatii birootti makamti. Xiqqoo turtees mana dhuunfaa isaanii ijaarrachuudhaan abbaa manaashee waliin mana bahuun of dandayanii jiraachuu eegaluu. Kun ammoo haalli isiin duraan beektu hundi ishiif keessummaa ta'uu danda'a.

Dabalataaniis hawaasummaa duraan beekturraa gara birootti deemte waan taheef hawaasaan wal kabajaa jiraachuun murteessaadha. Kabajaan kunis manarraa eeglama akkuma jedhamu haati manaa abbaa manaashee akkuma nama birootti maqaan hin waamtu . keessattuu hanga ilma

argatanii maqaa ilmaatiin waamuu eegaltuutti maqaa itti moggaafatti ykn haasaa keessatti ati jechuun hin waamtu isin jettiin malee.

Dubarri heerumte abbaa abbaa manaashee maqaan hin waamtu; wanta kabajamuu qabu keessaa inni tokko maatii irraa dhalatan kabajuudha. Abbaan abbaa manaa dubartii heerumtee abbaa mucaa ishii fuudhee dhalche waan ta'eef kabajaa qaba. Isa dura dhaabbatanii wal arrabsuus ta'e nama biraa arrabsuun hin danda'amu laguudha. Osoo dura abbama manaasheetiin wal lolaa jiraataniyyuu yoo abbaan ilmaa ol seenan lola ni dhaabu. Akkasumas alatti nama biraa waliin yoo wal lolaa kan jiraattu ta'es abbaa abbaa manaashee kan argite yoo ta'e lola kana dhiiftee gara manasheetti deebiti.

Yeroo tokko tokko kallattiin fuula dura teessee nyaata nyaachuunis ta'e dhuguunis ni ulfaata. Ija dura wal hin dhaabbatan jechuudha. Kun ammo waan biraaf osoo hin taane kabajaadhaaf kan taasistuudha.

Kun hundisaa kan taasifamuuf abbaan nama dhale kabajaa akka qabu mul'isuuf yommuu ta'u gocha kana cinaattis kabajaa mul'isuudhaaf intalli takka erga heerumte booda mana mucaa ishii fuudhetti maqaa abbaa abbaa manaashee dhahuu ni lagatti. Maqaa dhahuu erga lagattees maqaaa biro itti moggaafachuun waamti yookiin maqaadhuma abbaan manaashee waamuun waamti keessattuu hedduminaan Aabboo jechuudhaan waamti.

Dubarri heerumte haadha abbaa manaashee maqaan hin waamtu; Dubarri heerumte takka akkuma abbaa abbaamanaashee kabajju haadha abbaa manashees ni kabajji. Haati abbaamanaashee namoota jiran keessaa ishii ennaa misirroorraa kaastee haalaafi amala mana misirroon itti heerumtee jalqabarraa kaastee kan agarsiistuufi hubannoo kennituufiidha.

Walitti dhufeenyi isaaniis akka abbaa abbaamanashee osoo hin taane haadha abbaamanashee waliin walitti hidhataadha. Yeroodhaa yerootti walirraa hubannoo fudhatu maqaafi eenyummaa namoota manasaanii dhufaniis itti himuun namoota akka addaan baafattu taasisti. Abbaan manaashee yoo bira hin jiraanne ta'es akkaataa ittiin buna danfiftee keessummaa ofii keessummeessitu bira taa'uun qajeelchiti.

Yeroo hedduu hojirratti waliin dabarsuun misirroo mana seente akka ishiin ija itti banattu kan agarsiistu haadha abbaa warraashee taatus: misirrittiin maqaadhaan haadha abbaa manashee

yaamuun hin danda'amu, ni safeeffatti. Kanas yookaa maqaa itti moggaafatuun kan waamtu yommuu ta'u yoo ta'uu baate ammoo akkuma abbaan manaashee haadhasaa ittiin waamuun waamti. Harka caalummo Aayyoo jechuudhaan waamu.

Ijoolleen abbaa maqaan hin waaman; Abbaan namaa kabajaa qaba. Abbaan ilmaansaa guyyaa dhalatanirraa kaasee hanga isaan of danda'anii irraa mana bahanitti kunuunsa guddaa taasisuun guddisa. Akka isaan namaa gadi hin taanefis waan isaan barbaachisu guutuudhaaf halkanii guyyaa dhama'uun dhiyeessaf. Jaalala abbummaa mul'isuudhaanis ilmaan isaanii dorgomaa ta'anii akka guddataniif shora ol aanaa qaba.

Kanaaf Oromoo biratti ilmaan abbaasaanii maqaan hin waaman. Maqaa kabajaatiin akka jalqabumarraa waamaniif haati shora ol aanaa qabaattus ilmi abbaa maqaan waamuun laguudha. Akka Oromoo Gunaattis ilmi abbaa maqaadhaan hin waamu Aabboo/aabbaa jechuun waama.

Ijoolleen haadha maqaan hin waaman; Ijoolleen akkuma abbaasaanii kabajan haadhasaaniis hedduu kabaju. Akkuma abbaan ilmaansaa guddisuu irratti shoora qabu haatis shora ol aanaa qabu. Daa'imti takka naamusaafi gahumsa ol aanaa qabattee akka baatuuf haati gahee ol aanaa taphatti.

Kanaaf ilmi akkuma abbaasaanii maqaadhaan hin waamne haadhasaaniis maqaan hin waaman. Maqaa haadhasaani kallattiin waamuun laguudha. Kabajaa haadhasaaniif jecha daa'imman akka kallattiin maqaa haadhaa waamaa hin guddanneef guddiftoonni daa'immanii haadha akka waamtu yommuu barbaadan Aayyoo jechuun shaakalsiisu. Kanaaf ilmi haadha maqaan waamuun laguudha waan taheef Aayyoo jechuun itti fayyadamu.

Obboleessa abbaa maqaan hin waaman; Oromoo Gunaa biratti Obboleessi abbaa akkuma abbaatti ilaalama. Kanaaf akka nama birootti maqaadhaan waamuun laguudha. Obboleessi abbaa kunis umriidhaan isaa gadi ta'us kan caalu ta'us abba guddaa jedhamee waamama.

Obboleessa haadhaa maqaan hin waaman; Akkuma obboleessa abbaa obboleessi haadhaas kabajaa qaba, maqaadhaan waamuun ni lagatama. Kanaaf bakka maqaa sana eessuma jechuudhaan waamu.

Obboleettii abbaa maqaan hin waaman; obboleettiin haadhaa akkuma haadhaatti kan kabajamtuufi maqaadhaan waamuun kan lagatamuudha. Kanaaf adaadaa jechuudhaan maqaa kabajaatiin waamu.

Haadha abbaa ykn haadhaa maqaan hin waaman; Akkuma firoottan biro haati abbaa ykn haati haadhaa maqaadhaan waamuun laguudha. Eddo maqaa sanaas akkoo jechuudhaan bakka buusuun itti fayyadamu.

Nama ilma qabu maqaan hin waaman; Akka aanaa Gunaatti namni sadarkaa haadha manaa fuudhee ilma horate booda maqaasaatiin waamuun laguudha. Maqaa ilma hangafaatiin waamama. Akka fakkeenyaatti namni maqaansaa Abdataa jedhamu ilma hangafaa Caalaa jedhamu yoo qabaate abbaa Caalaa jechuudhaan waamama.

Haalli kunis abbaa qofaaf osoo hin taane haadhas yoo taate maqaadhaan waamuun laguudha fakkeenyumaa oliirraa kaanee yommuu ilaallu abbaadhaan abbaa Caalaa yommuu jennu haadhaanis haadha Caalaa jechuudhaan waamna.

Gama biraatiin ammoo namni tokko erga wal fuudhanii osoo ilma hin argatin kan turan yoo ta'e ilma nama biraarraa fudhachuun akkuma ilma ofiitti guddifatu. Ilmi kunis ilma guddifachaa ta'us kan ittiin waamamu maqaadhuma warra guddifateeniiti. Akkasumas warri ilma kana guddifates maqaa ilma guddifataniin waamamu.

Fakkeenyaaf maatiin tokko daa'ima maqaansaa Eebbaa jedhamu kan guddifatan yoo ta'e warra guddifateen abbaadhaan abbaa eebbaa jedhamee kan waamamu yoo ta'u haadha guddifateen ammoo haadha Eebbaa jechuudhaan waamu.

Haadha mana obboleeyyan abbaa maqaan hin waaman; Akka aanaa Gunaatti haati manaa obboleessa abbaa akka haadhaatti waan ilaalamtuuf ayya guddoo ykn haadha guddoo jedhamuudhaan waamanti.

Soddaaf soddaatiin maqaan wal hin waaman; namoota waliif wayyuu ta'an keessaa tokko soddaafi soddaatiidha. Soddaan gurbaa intala fuudhe yoo ta'u haati intalaa ammoo gurbaa intala fuudheef soddaatii taati.

Gurbaan guyyaa intala fuudha hedu erga kadhateen booda ija haadha intalaa dura dhaabbachuun laguudha. Halaalatti of irraa eegge karaa biraa jalaa goruun ija jalaa dhokata. Akka tasaa daandii qallootti kan walitti dhufan yoo kan ta'u ta'eeyyuu ijaan garagara ilaaluudhaan wal bira dabru. Yoo nagaa wal gaafatanis ta'e sagalee osoo olhin kaasiin sagalee gad bu'aadhaan akka namni biraa hin dhageenyetti ijaan garagara ilaaluudhaan nagaa wal gaafachuun wal bira dabru. Rakkoon osoo jiraatellee waa'ee rakkoo sanaa kaasaanii addatti hin mari'atan waan jiru hunda nama biraa kan isaan beekurraa adda baafatu malee.

Akkuma kallattiidhaan wal arguun lagu ta'e maqaa walii kaasanii wal waamuunis ni lagatama. Keessattuu hanga soddaan maatii horutti maqaa wal waamuu miti ijaan wal arguunuu lagu cimaadha. Kanaaf guyyaa keessa soddaan soddaatii isaatiin akka haati manaasaa ittiin waamtun waamuu eegala kunis Aayyoo/harmee jechuudhaan waama.

Haati intalaas turtii keessa erga ilma argatan booda maqaa ilmaan waamuu eegaluun eddoo golgaan jidduu jaraa jirutti waa'ee dhimmoota gara garaa isa ijoo ta'an xiqqeessanii mari'atuu eegalu.

4.3. Gochoota lagu (act taboo)

Ummanni Oromoo akkuma yoo dubbatu laguusaa eeggatee dubbatu gochoota garagaraas yommuu raawwatu lagu isaa eeggateeti. Gochoonni kunis akka feetedhaan kan raawwatan yoo ta'e aadaafi duudhaa akkasumas amantii hawaasaa waliin kan hin deemneefi wal faallessan tahuu danda'u.

Kunis namni tokko wanta tokko yommuu raawwatu karaa laguusaa hin eegganneen kan raawwatu yoo ta'e rakkoowwan garagaraa dhaqqabsiisuu danda'a. Kanneen keessaaayis wal dhabdeen hawaasa jidduutti uumamuu danda'a. Qabeenyi uumamaafi nam-tolchees too'annaa dhabuudhaan miidhaan irra gahuu danda'a, daa'immaniifi manguddoonni mirgi isaanii sarbamuun miidhaaf saaxilamuu danda'u. Rakkoowwan kana jalaa baraaramuudhaaf lagu eeggachuun murteessaadha.

Mata duree kana jalattis ummanni Oromoo aanaa Gunaa haasaa keessatti akkuma jechoota gara garaa lagaxhuun of eeganii haasawan wantoota raawwatanis of eeggannoodhaan bifa laguusaa eeggateen raawwatu. Gochoonni kunis haala armaan gadiitiin kan dhiyaatan yommuu ta'u sababa gocha sana lagataniifis ibsi itti kennameera.

Mukni guddaan hin muramu; Oromoon uumamaaf eddoo guddaa kenna. Uumamaaf kunuunsa taasisuun madaalliin uumamaa akka eeggamu taasisa. Kanarraa ka'uudhaanis Oromoo biratti muka guddaa muruun laguudha. Mukni guddaan dameefi hidda isaatiin kan babal'atu yommuu ta'u dameewwan isaa akka gaaddisaatti kan tajaajiluufi hiddi ammoo biyyee bishaan akka hin fudhanne ittisuun uumamni akka hin jeeqamne taasisa.

Ummanni Oromoos kan ittiin beekamu lafa qotuufi horii horsiisuuni waan ta'eef horii horsiifate erga marga dheechifatee quubsate booda yoo aduun itti baate gaaddisa mukaa jalatti walitti qabatee akka ciisaniifi boqonnaa fudhatan taasisa. Akkasumas ooyruu qonnaa isaa keessa muukni guddaan kan jiraatu yoo ta'e biyyeen lafasarraa akka hin deemneefi baalli mukicharraa bu'u lafasaa koseessuu waan beekuuf hanga mukichi dulloomee ofiin kufutti kunuunsa godhuuf.

Aanaan Gunaas eddoo mukkeen gurguddaan uumamaan itti argaman keessaa tokko yoo taatu hawaasichis qaama kamuu caalaa mukkeen kanaaf akkaataa itti kunuunsa kan beekuudha. Namni muka kana faaydaa tokko malee muru nama lagu hojjate waan taheef durumarraa muka muruun lagu tahuusaa manguddoonni ilmaan isaanii barsiisu yoo muree kan argamu tahes adabbii cimaafi gorsaan hubannoo kennuuf.

Mukni kichuun hin muramu; Oromoo Gunaa biratti daa'imtiifi mukni kichuun tokkuma. Akkuma ilma ofiitiif kunuunsa taasisuun akka guddatee biyyaaf tahu nyaataafi uffata akkasumas fayyaasaatiif kunuunsa taasisu mukni lafaa dhufuus guddatee gahoomee faaydaa barbaadamuuf akka gahu kunuunsa barbaachisu hunda ni taasisa. Oromoon kichuun lafaa yoo hin dhufne buulessa argachuun akka hin danda'amne waan beekuuf waan lafaa ol deemaa hunda kichuu kutuu ni lagata.

Akka fakkeenyaatti midhaan facaafatanii hanga gahee haamamutti yookin muramutti osoo inni gahee hin bilchaatin kichutti muruun hin danda'amu. Inumaayyuu hanga gahee haamamutti waan biqilaa san barbaachisu kannaaeen akka jala shoggoruu irraa hanga xaa'oofi kosii jalatti haruudhaan akkasumas wanta biqiltuu sana akka dafee hin guddanne taasisu kanneen akka aramaa jalaa ajjeesuudhaaf qoricha aramaa itti biifuutti adeemuudhaan akka dafee guddatuufi oomisha gahaa kennu taasisu.

Akkuma kana aanaa Gunaatti biqiltuun yoo guddate ilma namaaf akkasuma uumamaaf faaydaa kennuu dandahu kamuu kichutti akka muramu hin eeyyamamu Muka kichuutti muruun laguudha

jechuudha. Akkasumas namni waan ol guddataa jiru kichutti hambise uumama biraayis adabbiin isa eeggatu jira jedhamee amanama. Kunis kan kichuu kute waaqni isas kichuutti hambisa jedhamee waan amanamuuf muka kichuu muruun laguudha.

Bishaanitti hin fincaanamu; lubbu qabeeyyiin tokko jiraachuudhaaf wantoota barbaachisan keessaa inni guddaan bishaani. Bishaan lubbu qabeeyyiwwan jiran biqilootaas tahe bineensota kamiifuu waan ijoo barbaachisuudha ykn lubbu qabeeyyiin kamiyyuu bishaan malee jiraachuu hin dandahu jechuudha.

Ilmi namaas bishaan faaydaa adda addaatiif oolfata isaan keessaayis ;bishaan dhugaatiidhaaf, nyaata ittiin bilcheeffachuudhaaf ,qaama dhiqachuudhaaf akkasuma yeroo ammaa kana madda turizimii ta'uudhaan daawwannaaf akkasumas daakkaan bishaaniis hedduu beekkamaa dhufuudhaan akka madda galiitti tajaajiluu eegaleera.

Bishaan kanaas faaydaa barbaachisuuf oolchuudhaaf wantoota qulqullina bishaanii balleessan hunda gara qaama bishaanitti akka hin makamne taasisuudhaan qulqullinni bishaanii eeggamuun baay'ee barbaachisaadha. Kunis bishaan kosii adda addaa kan itti gatamu yoo tahe qulqullinni bishaanii dhabamuudhaan namnis bineensis akka itti hin fayyadamne taasisa. Inni biraa ilmi namaas kan itti fincaanu ykn itti boolii bahu yoo tahe bishaanichi ni xuraawa ilma namaa ykn bineensotni dhibeef akka saaxilaman taasisa. Kanaaf eddo bishaan yaa'uus tahe akka harootti kuufametti fincaanuun ykn boolii bahuun laguudha.

Gaaddisa jalatti fincaanuun ykn gad taa'uun hin danda'amu; Gaaddisni eddoo hara galfannaa namaafi bineensaati. Namas yaa ta'u bineensonni adda addaa yoo aduun itti cime yookaan yoo roobni itti roobe gaaddisa jalatti goruudhaan dabarfatu.

Oromoon horii horsiisuudhaan waan beekkamuuf loonsaa bishaan obaafatee gaaddisa jalatti akka boqatan taasisa. Akkasumas dubbii ykn sirna tokko fixachuudhaafis gaaddisa jalatti wal gahuudhaan fixatu. Kanaaf gaaddisni eddoo manguddoonni itti wal gahan waan taheef bakka qulqullina barbaaduudha. Kanarraa ka'uudhaan gaaddisa jalatti fincaanuunis tahe gad taa'uun ykn qulqullaa'uun laguudha.

Galgala manni hin qulqulleffamu; Oromoon milkii eeggata. Gochaa raawwatu keessaa isa milkii qabuufi milkii hin qabne jedhee addaan baasee beeka. Kana keessaa tokko yeroo horiin

ykn loon galutti mana gadi qulqulleessuun hin danda'amu akka waan qabeenyi gara manaa hin seenne gad dhoorkuutti ilaalama.

Kanarraa ka'uudhaan manni galgala akkuma kosaayetti bulus dubartoonni ganama yommuu hirribaa ka'an hunda dura mana ofii qulqulleeffatu. Kun ammoo akka milkii gaariifi ganamaan manni banamee kan qulqulleeffamu yoo ta'e milkii guddaa (kadiirii ganamaa) qabeenyaan akka mana seenuutti ilaalama. Faallaa sanaan ammoo osoo manni hin qulqullaayin fi balbalti hin banamin aduun yoo baate Kadiiriin ganamaa waan fidee dhufeen ykn milkii (risqii) qabatee of duuban deebi'a jedhamee waan amanamuuf dubartoonni ganama yoo ka'an mana ofii kan qulqulleessan yommuu ta'u galgala ammoo mana qulqulleessuun laguudha.

Manguddoon ykn Hangafa arrabsuun laguudha; manguddoo ykn hangafa arrabsuun gocha lagu keessaa isa tokko. Ummanni Oromoo nama kabajuun akkuma beekkamu akkuma wal duraa duubaan dhalateen kabajaa walii kenna. Manguddoo ganda tokko keessa jiru itti dhiyaatanii waa'ee ykn haala jiruuf jireenyaa irraa baratu malee kabajaa isaanii xiqqeessanii arrabsuun laguudha. Namni manguddoo osoo hin kabajin kabajaa isaa irraa mulqee arrabse ni abaarama. Waan hojjatu hundatti milkii hin qabu jedhamees amanama.

Akkuma manguddoo arrabsuun lagu ta'e hangafa arrabsuunis akkasuma laguudha. Hangafni namaa kan karaa nama agarsiisu kan dogongorarraa si dhoorkuufi milkii jiruuf jireenya keetiif bu'uura waan ta'eef kabajaa isaa irraa mulqanii arrabsuun laguufi hojii hojjatu keessattis bu'aa homaatu akka hin buufnetti amanama.

Hangafa dura buna hin qabatan; karaatti keessummaa waliin yoo wal arge Oromoon “seenaa buna isinii danfifnaa” jedheet waliin galan. Kana jechuun keessummichaaf haammuma fedhe nyaata biraa qopheessaniifis maqaan kabajaa ittiin gara manaa affeeramuun buna dhugaa jechuudhaani.

Kanaaf Oromoon bunaaf eddo guddaa qaba. Wanta ulfaataa kana ammoo hangafa dura qabatanii dhuguun laguudha. Bunni danfee erga irraa bu'e booda jalqaba kan qicamuuf ykn buufamuuf hangafaaf ta'a jechuudha. Kanas hangafa mana sanaarraa ka'uudhaan akkuma wal duraa duuba umrii dhaloota isaaniin raabsamee xumurama.

Hangafa dura sirna hin dubbatan; sirni kan dubbatamu dhimmoota garagaraarratti kanneen keessaa sirna fuudhaafi heerumaa, boo'icha, araaraafi kkf tahuu danda'a. sirni kunis yommuu dubbatamu akkaataa ittiin dubbatamu kan mataasaa danda'e qaba. Kunis sirna kan dubbatu hangafa waan taheef dubbiitti akka seenamu hangaficha affeeru. Hangaftichis yoo dubbachuu barbaade sirnicha kan dubbatu yoo tahu yoo kan hin barbaanne tahe ykn dubbicha hin dandeenye tahe nama sirnicha dubbatee fixuu dandaha jedhutti ofirraa dabarsuun akka sirnichi xumuramu taasisa.

Eddoon awwaalaa hin qotamu; Ilmi namaa akkuma yeroo jiru kabajamu yeroo boqates kabajaadhan awwaalama. Kanaaf eddoon awwaalaa eddo kabajaa qaban keessaa tokkoodha. Jalqabuma eddon awwaalchaa yommuu filatamus eddo tuttuqqaa irraa bilisa ta'eefi gaaddisa qabuudha. Eddoon kunis bakka kunuunsi adda addaa kanneen akka biqiltuu dhaabuu biyyeen bishaaniin akka hin fudhatamne bishaan irraa qabuu akkasumas akka namni biqiltuu irraa hin murre ittifamuudha.

Aanaa Gunaattis ummanni hammuma fedhe lafa qonnaa kan barbaadu ta'us eddoo lafa awwaalchaa qotuun hin danda'amu. Namni lafa awwaalchaa qotu ni abaarama ykn nama abaarame jedhamee waan amanamuuf kunuunsuu malee qonnaaf oolchuun laguudha.

Bineensi hin ajjeefamu; ummanni Oromoo lubbuu waaqni uumeef kabajaa kenna. Akkuma lubbuu ofii mararfatu lubbuu bineensota birootiis ni mararfata. Keessattuu bineensota jiruuf jireenya ilma namaarratti dhiibbaa hin geessine ajjeesuus ta'e miidhuun laguudha.

Akka fakkeeniyatti bineensa weennii ajjeesuunis ta'e miidhuuf yaaduun hin danda'amu. Kunis akkuma beekkamu weennin bineensa bosona jiraattu yommuu taatu bosonaa baatee wanta nama miidhu ykn oomisha ilma namaa kamuu hin tuqxu. Muka ofii irra teessee firii mukkeenii nyaachuun jiraatti. Kanaaf ummanni Oromoo aanaa gunaas weennii akka manguddoo ykn hayyuutti ilaala. Namni weennii ajjeesee argames nama cubbuu ol aanaa hojjateefi manguddoo ykn nama qulqulluu ajjeesetti ilaalama

Karaa biraatiin hunda caalaa ajjeesuun lagu guddaa kan ta'e bineensa rimaa qabu ajjeesuudha. Akkuma ilma namaaf ulfi kabajaa qabu bineensi bosonaa rimaa ykn ilmoo garaatti baatu ajjeesuun laguudha. Yeroo tokko tokko adamoodhaaf yommuu bahamu bineensi akka nyaataatti tajaajilu kan akka bosonuu ajjeefamanii nyaataaf ni tajaajilu. Bosonuu adamsanii ajjeesanii

nyaachuuf yaadan kanayyuu rimaa tahuushee yommuu barame hin ajjeefamu. Bira dabrameet kan biraa soqamee adamsama.

Namni adamoo keessatti hubannoo hin qabne bosonuu rimaa qabu ajjeesee yommuu fide namoonni erga rimaa tahuusaa baranii hin nyaatan dhiisanii biraa deemu. Kanaaf bineensa rimaa qabu ajjeesuun laguudha.

Daa'imman kakachiisuufi abaaruun laguudha. Daa'imman kichuu lafaa dhufaa jiran waan balleessan tokko hin balleessine jedhanii kan arganii dhagahan hin dhageenye ykn hin argine jedhanii kakuu akka kakatan taasisuun laguudha. Kunis daa'imman bilchina sammuu hin qabne yoo kan muddaman tahe muddama sana jalaa bahuudhaaf waan fedhan jedhanii kakatu. Inni kun ammoo daa'imman kakuu sana booda waan isaan qunnamu hin beekan waan taheef daa'imman kaksiiisuun laguudha.

Inni biraammoo daa'imman yaada hin qabne abaaruun laguudha. Kunis daa'imman osoo itti hin yaanne wantoota hedduu balleessuu danda'u kun ammoo balleessuurratti karoofatanii osoon taane taphaafis otuma taphatan waa balleessuu danda'u. kanaaf daa'imti tokko osoo hin gahoomin waan balleesseef abaaruun laguudha. Akka aanaa Gunaattis namni daa'ima abaaru abaarsi sun akkuma jiruun abbatti ykn kan abaaretti deebiti jedhamee amanama.

Dubartiin siinqee qabatee deemtu hin tuqamtu; siinqeen meeshaa faaya Oromoo taatus waan ittiin beekkamtu keessaa tokko nageenya labsuuniidha. Dubartiin takka nama ykn garee wal lolaa jiru jidduu yoo siinqee qabatee kan dhaabbattu taate qaamni wal lolaa jiru sun ennasuma lola dhaabuudhaan nageenya buusu.

Kanumaan wal qabatees dubartiin takka imalas yaa taatu sokkuudhaan manasheetii baatee daandii kan deemtu yoo taateefi siinqee harkatti yoo qabatte qaamni eessaafi eessa deemta jedhee ishee tuqu hin jiru. Kanaaf dubartii siinqee qabatee imalaa jirtu tuquun laguudha.

Odaa fi harbuu bobeeffachuun laguudha. Mukkeen Oromoon akka muka hangafatti ilaaluufi kunuunsa taasisuuf keessaa tokko muka odaafi muka harbuuti. Mukkeen kanneen wanti wal fakkeessu hedduun jiraatus baalli isaan lamaanii hedduu kan walitti dhiyaatuufi gaaddisa qabaniidha. Gama biraatiinis qaamasaanii wanta qara qabuun yoo muran waan aannan fakkaatutu

qaama keessaa baha. Kanaaf mukkeen kana muruunis tahe muranii akka qoraanitti itti fayyadamuun lagu guddaadha.

Qaamni saalaa ga'eessaa harkaan hin tuqaman; gochoota lagu ta'an keessaa inni biraa qaamni saalaa gaheessaa ykn gaheettii ija namoota hedduu duratti hin tuqaman. ykn hin qaqqabaman. Fakkeenyaaf namni tokko hammuma fedheeyyuu kan dhukkubsatu yoo yaala kennuun barbaachiseeyyuu eddoo namoonni hin jirretti yaala barbaachisuuf yaalama malee nama duratti uffata irraa fuudhanii ilaaluun laguudha ykn saalfiidha.

Akka Oromootti hedduminaan qaamota saalaati kan jedhaman qaama harmaa gadi jiruufi jilbaa ol jiruudha. Qaamonni kunniinis akkuma beekkamu uffataan hedduminaan uffifamanii kan jiraatan yoo ta'u namni qaama jidduu kana jiru uffataan osoo hin uwwisin nama keessa deemu ta'e nama lagu gate ykn nama sammuunsaa sirrii hin taane ta'uu mul'isa. Kanaaf qaama saalaa ga'eessaa tokko tuquun laguudha.

Hubboo qullaan nama hin qaxxaamuran; Hubboon meeshaa bishaan ittiin waraabbamu yoo tahu guutamee kan deemamuun yoo tahe milkii gaariidha. Haata'u malee qullaasaatiin nama qaxxaamuruun akka milkii gadheetti ilaalama. Keessattuu namni tokko sirna waayii xumuruuf deema yoo tahe daandii inni deema jiru hubboon bishaan hin qabne yoo isa qaxxaamure sirni inni fixuuf deemu akka harkaa gufatetti ilaallatuun hanga sadarkaa itti dhiisee of duuba deebi'ee galuudhaan guyyaa birootti akka dabru taasisuutti gaha.

Inni biraa hubboon qullaan cidha akka qaxxaamuru hin hayyamamu. Cidha. Fuudhee galu ykn fuudhaaf deemu tokko hubboon qullaan afaan dhufe taanaan akka milkii gadheetti ilaalama waan taheef yoo itti dhiheenya kan qabaatan tahe hubbicha cabsuudhaan bira dabru. Garuu dubartittiin hubboo qullaan deemu namni fuuldurashee jiru nama akkamii akka tahe hubachuudhaan nama sirnaaf deemu ykn cidha yoo taate dhaabbattee dabarsiti ykn kararraa goruun ofirra dabarsiti. Kanaan ala hubboonshee yoo cabes qaamni gaafattu hin jiru .laguu hojjatte jechuudha.

Daandiirratti hin fincaanamuu; gochoota akka laguutti ilaalaman keessaa inni tokko daandii irratti fincaan fincaanuudha. Kunis daandiin karaa bahaa gala daa'immanii hanga nam guddaati waan ta'eef fincaan daandiirratti yoo fincaaname foolii fiduudhaan dhukkubaaf nama saaxila naannoos foolii jijjiira waan ta'eef daandiirratti fincaanuun laguudha.

Fira waliin qunnamtii raawwachuun dhorkaadha. Namni tokko fira dhiyoo waliin qunnamtii saalaa raawwachuun dhoorkamaafi lagu guddaadha.

Dubartiin manatti da'uun laguudha. Akka tahuu qabutti dubartiin kabajaa kan qabdu kabajaan heerumtee erga jette booda yoo deesseedha. Haa ta'u malee osoo hin heerumin manatti kan deettu yoo tahe laguudha.

Nama biraatti hancufa tufuu. Hancuufni xuraawaa qaama keessaa bahuudha. Hancuufni kunis xuraawaa waan taheef wantoota dhibee fiduu dandahan of keessaa qabaachuu dandaha. Kanaaf eddoo namni jirutti hancufa tufuun laguudha. Namni hancufa tufuu barbaade ija namaa duraayyuu fagaatee tufa

Nama biratti furrii fudhachuun hin danda'amu. Akkuma hancufa tufuun lagu tahe nama biratti furrii fudhachuuniis hin danda'amu ni lagatama. Kanaaf namni furrii fudhachuu barbaade eddoo namni jirurraa siqun yookaan dhokachuudhaan fudhatee qulqullaawuu qaba.

Hangafa dura fuudhuun laguudha: maatii tokko keessatti hangafaafi quxisuutu jira. Akka aanaa Gunaatti hangafni qixa abbaati jechamni jedhu hedduu beekkamaadha. Kanaaf ilmi hangafaa tokko mana keessa osoo jiruu quxisuun kan fuudhu yoo ta'e laguudha waan taheef kan fuudhu yoo tahe ammoo akka adabbiitti hangafasaa uffata uffisa keessattuu uffanni gaabii dirqama itti taha.

Hangafa dura heerumuun laguudha: akkuma hangafa dura fuudhuun lagu taheetti hangafa dura heerumuunis laguudha. Dubarri takka hangafti ishii osoo mana jirtu kan heerumtee mana godhattu yoo tahe tan hangafaa akka waan manatti hafteetti ilaalamti. Hangaftittiinis akka waan haftuutti of qabdi waan taheef xiin sammun ishii ni miidhama. Hawaasa birattis fudhatama guddaa hin qabdu. Ishiinis akka hawaasa keessatti fudhatama hin qabnetti waan of amansiiftuuf miidhamaa deemti.

Kun kanaan tahee osoo jiruu sababa garagaraatiin kan akka buttaa, waliin deemuu fa'aan quxisuun kan heerumtu yoo tahe gaafa sirna fixachuuf dhufan jalqabatti hangaftittii uffisuudhaan araarfatu.

BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YAADA

4.1.Cuunfaa

hawaasa kamuu biratti wantoonni lagataman ni jiru kunis kan jechaan lagataman akkasumas gochaan ykn taasisuu lagatan hedduutu jiru. Laguun jechaa haasaa hasawamu keessatti jechoota hawaasni itti hin fayyadamne yommuu tahu kan gochaa ammoo kan hawaasni raawwachuu irraa of eeguudha.

Jechoota lagu kanas jechoota birootiin bakka buusuudhaan dalga qabuun yaamu. Kun ammoo jechicha kallattiin dubbachuu irra dalga qabanii yommuu waaman saalfiin fi sodaan hawaasa keessaa ni xiqqaata.

Akkuma jechoota haasawamuu hin qabne lagatu Oromoon wantoota gochuu hin qabne ykn lagatu hedduus qaba. Gochoonni lagu kunis madaallii uumamaa akka hin jeeqneefi jiruuf jireenya hawaasummaa keessatti karaa safuu isaa eeggateen akka jiraatuuf jecha gochootaa lagatamaniidha. Akka fakkeenyaattis oromoo biratti muka mukaa ciruun ni lagatama ,mukni ciramee kan dhumu yoo ta'e hongeen akka dhufu haalli uumamaa akka jeeqamu dursanii beeku waan ta'eefiidha.

Waalumaagalatti jechoonniifi gochoonni lagu kunneen hin jiru yoo ta'e jireenyi hawaasummaa akkasumas haalli uumamaa jeeqaamuu danda'a. uumamni jeeqame yoo tahe ammoo carraan ilmi namaas ta'e lubbu qabeeyyiin biro jiraachuu rakkoo keessa seenuu danda'a. kanaaf ilmi namaa bifa kabajaa qabuun ofiifis kabajamee namas kabajee jiraachuudhaaf waantoota lagataman adda baafatee safuusaa eeggatee jiraachuu qaba.

4.2.Argannoo

Qorannoon tokko kan gaggeeffamu argannoo ta'e tokko argachuudhaafi. Qorannoon kunis mata duree itti fayyadama jechoota lagu aanaa Guna jedhu yommuu ta'u jechoonni laguufi gochoonni akka laguutti ilaalaman hedduun funaanamuudhaan kan dhiyaataniidha. Kana males manguddoota aanicharraa odeeffannoo sassaabameen argannoowwan armaan gadii akka ijootti argamaniiru.

- Jechoonni lagu akka aanaa Gunaatti jiran funaanamuudhaan Oromoota eddoo biroo jiraataniif haalli itti fayyadama jechoota lagu kunniinii akkam akka tahe hubannoo ni uuma. Kana jechuun qorannoo kana keessatti jechoonni lagu funaanaman nama naannoo

biraarraa dhufuun hawaasa aanaa Gunaatti makame haasaa taasisuuf jechoota lagu itti fayyadamamuu hin qabne haala salphaadhaan akka hubatuufi jechoota kanneen fayyadamurraa akka of qusatuun jechoota bakka buusaatti fayyaadamuun barbaachisaa akka tahe qorannoon kun bira gaheera.

- Ummanni Oromoo aanaa Gunaa jechoota garaagaraa kan lagatu yommuu tahu jechoonni kunis yoo kan dubbataman tahe kan nama saalfachiisan ,sodaachisan akkasumas nama dallansiisan tahuu qorannoon bira gaheera
- Ummanni Oromoo aanaa Gunaa jechoota laguutti kallattiin wanti hin fayyadamneef kabajaa walii kennuuf, rifannoota garagaraarraa wal baraaruuf dabalataanis seerri uumaafi uumamaa akka eeggamu taasisuuf tahuu qorannoon bira gaheera
- Ummanni Oromoo aanaa Gunaa jechoota lagu kana waamuudhaaf jechicharraa cinaa qabuudhaan bifa guddaa nama hin aarsineen ykn hinrifachiifneen akkasumas kabajaa qabuun jechootaa lagannaatti ykn bakka buusaatti faayyadaamuun kan waaman taahuu hubaatameera.
- Jechoonni lagu hawaasa keessatti akka feetedhaan kan dubbataman yoo ta'e walii galtee dubbataafi dhaggeeffataarratti dhiibbaa guddaa qaqqabsiisu kunis namni tokko irra deddeebi'ee jechoota lagu osoo hin eeggatin kan dubbatu yoo tahe salphataa jedhaamuun eddoon isaaf kennamu hin jiru. Akkasumas kana kan saafuu hin beekne jedhamuun hanga sadrkaa wal dhabbiitti akka deemamu qorataan bira gaheera.
- Jechoonni lagannaajechoota lagu kanneen karaa ittiin waamaniidha. Jechoota kanneenitti yommuu fayyadaman ammo sirnaan wal dhageettiin ni uumamaa, rifannoonni akka xiqqaatu akkasumas sodaanis akka xiqqaatu taasisuuf kan fayyadu tahuu qorannoon kun ni garsiisa
- Jechootni lagu kan lagatamaniif, namni waan hamaa akka hin hojjenneef, kabajaaf, obsaafi jalaala waan nama barsiisanifi. Akkasumas, dheekkamsa waaqayyoo namarraa waan dhorkaniif. Daa'imman obsa guddaa kanhorataniifi wal kabajaa akka jiraatanif jeechoonii lagu gahee guddaa akka qabu qorranno kanarra hubatameera.
- Namni wantoota akka dhuunfaatti lagatuufi akka gareetti lagatu waan qabuuf jechootni lagatamaniifi akkaataan itti fayyadama isaanii namaa garanamaatti, naannoo tokkoo gara naannoo biraatti garaagarummaakan qabanidha.

- Namootni wantoota kan lagatan sodaa uumaafi uumamaa jalaa bahuufi. Fakkeenyaaf, irra deddeebiidhaan waa'ee maraattuu kan dubbatamu yoo tahe namni irra deddeebiin kana haasawu innumtuu ni maraata jedhamee kan lagatamuudha.
- Ummanni Oromoo jechootaafi gochoota laguuti jedhee durumaanuu kan kaawwate isa yeroo ammaa qorannoo fi qo'annoo saayinsaawaan dhugoomee seeraan akka ittifamu taasise waliin yoo wal bira qabamee ilaalaamu ummanni Oromoo hammam hawaasa addunyaa dursee akka ture kan mul'isuudha. Fakkeenyaaf yeroo ammaatti mukkeen dhaabuun fi biqiloota duraan jiraniif kunuunsa taasisuun akka ajandaa addunyaawaa taheetti kan labsamee hojiitti galame ;Ummanni Oromoommoo isa dura muka muruun lagu akka taheefi biqiltuu dhaabuun yaada jajjabeeffamuufi waaqni jaallatu ta'uusaa hawaasasaa barsiifachaa ture .

4.3.Yaada

Jechoonni lagu hawaasa Oromoo biratti heddumminaan kan argaman yoo tahu, hawaasni Oromoo hunduu jechoota lagu kanneen ni beeka jechuun ammoo gonkumaa hin danda'amu. Namni tokko sababa hojiitiif jecha godina tokkorraa gara godina birootti yommuu deemu rakkoon guddaan isa qunnamu jechoota lagu kana wallaaluudhaan jecha akka naannawa isaatti akka laguutti hin ilaalamne kan eddoo inni dhaqetti ammoo akka laguutti ilaalamutti fayyadama. Sana booda hawaasichi inni itti dhaqe sun akka nama lagu hin qabneetti isa hubata waan taaheef jechoonni lagu kunniin eddoo hundaatti qindaa'uudhaan osoo taa'nii rakkoo kanaarraa kan nama oolchuudha.

- Waaajjirri aadaafi turizimii aanaa Gunaa itti fayyadama jechoota lagu kaanarraatti xiyyeeffaannoo kennuudhaan maaxxansa guddaa bifa kitaabaatiin maxxanfatanii kan kaawwatan yoo tahe namoonni naannawa biraarraa dhufan salphaatti jechoota kana addaan baafachuudhan yeroo gabaabaatti hawaasan walii galuu danda'u waan taheef yeroo gabaabaatti maxxansanii yoo ol kaawwatan gaarii taha.
- Itti fayyadamni jechoota saafuu kun waalii galtee haasaa keessatti dhiibbaa guddaa qaba waan taheef hayyoonni afaanii xiyyeeffannoo itti kennuudhaan eddo jiran hundatti jechoota kanneen funaanuudhaan ykn qoraannoo gaggeessuudhaan ol kaawuufi hawaasa barsiisuu qaabu.

- Oromoon duruma kan lagatuuf yoo laguun bade aadaa, duudhaafi amantiin akkasumas kabajaan uumaafi uumamaa ni bada jedhee amana. Kun ammoo dhugaa tahuusaa isa Oromoon duru lagatu har'a addunyaan akka waan qorannoo addaa gootee argattetti ibsaa jiru. Kanaaf duudhaa Oromoo duraanitti deebi'udhaan haala jiruuf jireenya Oromoo qofa qoraachuun isa nama qoraannoo saayinsaawaan dhugoome jedhurra adda hin bahu waan taheef duuba deebi'anii qorannoo garagaraa gaggeessuun qaroomina Oromoo addunyaaf beeksisuun gaariidha.

- Akkasumas duudhaa, amantiin akkasuma aadaan Oromoo maal akka fakkaatuufi qarooma ammayyaa kana duraan hammam dursee akka ture laguufi lagannaakana qofa ilaaluudhaan maalummaa hawaasichaa ibsuun salphaadha. Kanaaf laguufi lagannaan Oromoo kana sirnaan xiyyeeffannoo keessa galchuudhaan itti fayyadamuun barbaachisaadha.

Wabiilee

- Abrantes M. (2005). Euphemism and cooperation in discourse. publication
- Addunyaa Barkeessaa (2011). *Akkamtaa: Yaadrimmee Qorannoo Hujoo* Finfinnee: Efficeincy Printig Press.
- Anderson, L. and Trudgill, P. J. (1990). *Bad Language*. Oxford: Basil Blackwell.
- Allan, K. and Burridge, K. (1991). *Euphemism and Dysphemism: Language Used as Shield and Weapon*. Oxford: Oxford University Press.
- _____, (2006). *Forbidden Words: Taboo and the Censoring of Language*. Cambridge: Cambridge University Press.
- Asafaa Tafarraa. (2009). *Eela: Seenaa Ogumaa Oromoo*, Far East trading plc
- Austin, J. L. (1962). *How to Do Things with Words*. Oxford: Clarendon Press.
- Birhaanuu Taakkalaa. (2013), *Laguufi Lagannaa Oromoo*. Maxxansa 1ffaa Finfinnee, Oromiyaa
- Coates, J. (2004). *Women, Men, and Language: A Sociolinguistic Account of Sex Differences in Language*. London: Pearson Longman
- Dastaa Dassaaleny. (2019). *Bu'uura qorannoo*. Addis Ababa: mana maxxansaa Boolee.
- _____. (2013). *Bu'uura Qorannoo*, Far East Trading Plc
- Dirribii Damusee Bokkuu (2012). *Ilaalcha Oromoo: Biiroo Aadaa, Seenaafi Amantoota Oromoo*. Finfinnee: mana maxxansa Finfinnee.
- Denzin, Norman. (1986). *The Research Act*, Aldine: Chicago.
- Goddard, A., and Patterson, L. M. (2000). *Language and Gender*. London: Routledge
- Goddard, C. (2005). "The Lexical Semantics of 'Culture'". *Language Sciences*, Vol. 27, N.1, pp. 51-73. University of New England, Armidale, New South Wales, Australia
- Grice H.P (1975) "Logic and Conversaation." *Syntax and semantics*.vol.3 Morgn academic press.
- Gumii qormaata Afaan Oromoo (1995). *Wiirtuu: Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo. Biiroo Aadaafi Ispoortii Oromiyaa*. Finfinnee: Artistic Printers
- Gumii qormaata Afaan Oromoo (2001). *Wiirtuu: Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo. Jildii 9ffaa: Finfinne: Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaa.*: Comertial printing interprise
- Gumperz, J. (1971). *Language in Social Group*. California: Stanford University Press.
- Holmes J. (1995). *Women, men and politeness*: London, Longman printing press.
- Keith Allan And Kate Burridge (2006). *Forbidden Words:Taboo And The Censoring Of Language*. Cambridge:Cambridge University Press.

- Lakoff, R. T. (1975). *Language and Woman's Place*. New York: Harper and Row.
- Levinson, S. (1983). *Pragmatics*. Cambridge: Cambridge University Press.
- Hyman Herbert H. et al., (1975). *Interviewing in Social Research*, University of Chicago Press: Chicago.
- Hymes, D.H. (1961), *Functions of Speech: An Evolutionary Approach*. Philadelphia. University of Pennsylvania, Print.
- Mbaya Maweja (2002). *Linguistic Taboo In African Marriage Context: A study Of The Oromo Lagu*. University Of Gaston Berger, Senegal, Nordic Journal Of African Studies 11(2): (2235)
- Malcolm Sigh (2007). *How To Research (3rd Ed.)* England: Open University Press.
- Nadia Ghounane (2012). *Asocio Linguistic View Of Taboo Language And Euphemisms In The Algreian Society :Attitudes And Beliefs In Tlemcen Speech Community* Tlemcen University.
- Patton, M. Q. (2002). 3rd ed. *Qualitative Research and Evaluation Methods*. London: Sage Publications, Inc.
- Qanbar, N (2011). *A Sociolinguistic study of the Linguistic Taboos in the Yemeni Society*. MJAL 3:2 Summer. pp.86-101
- Widdowson, H. G. *Text, Context, Pretext: Critical Issues in Discourse Analysis*, 2004. Print.
- Wardhaugh D, (2006). *An Introduction To Sociolinguistics (5th ed.)*. UK: Blackwell. Publishing.
- Rawson, H. (1981). *A Dictionary of Euphemisms and other Doubletalk: Being a Compilation of Linguistic fig Leaves and Verbal Flourishes for Artful Users of the English Language*. New York: Crown Publishers, Inc.
- Sadiqi, F. (2003). *Women, Gender and Language in Morocco*. Leiden, Boston: Brill
- Trudgill, P. (1986). *Dialects in Contact*. Oxford: Penguin
- _____ (2000): *An Introduction to Language and Society 4th ed*. London: Oxford University Press.
- Taylor, B. Sinha, G. and Ghoshal, T (2006). 3rd ed. *Research Methodology: A Guide for Researchers in Management and Social Sciences*. Delhi: PHI Learning PVT. Ltd.
- Wardhaugh, R. (2010). 6st ed. *An Introduction to Sociolinguistics*. USA: Wiley-Blackwell
- Searle R.J (1969) *speech acts*. An essay in philosophy of language. Cambridge University ress.
- Watts, J. R. (2003). *Politeness*. Cambridge: Cambridge University Press.
- WDAO (2006). *Daaniyaa: Finnfinnee, Oromiyaa*. Commercial Prienting Enter prise.
- Yule, G. (1996). *Pragmatics*. New York: Oxford University Press.

websaayitoota

<https://researchgate.net/Euphemism-and-cooperation-in-discourse.290531379-3>

<http://www.answer.com/topic/taboo#ixzzlawp42D00.25-02-2012.11:30>.

www.cambridge.or.journals

[www.en.m.wikipedia.org/wiki.word-ta taboo](http://www.en.m.wikipedia.org/wiki/word-ta taboo)

<http://www.internetslang.com/TABOO-meaning-definition.asp.03-03-2012.16:11>.

www.answers.com/topics/taboo.15-03-2012.15:01.

<http://en.wikipedia.Org/wiki/euphemism.02-11-2012.09:45>.

<http://en.wikipedia.org/wiki/Euphemism.23-01-2013.13:01>.

www.Whitney.Ufl.edu

<http://www.sciencedirect.com/science/pii/52405844021003674>

www.thoughtco.com.taboo-languages.

DABALEE 1

YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA

KOOLLEEJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOTAA, JOORNAALIZIMIIFI
QUNNAMTIITTII MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFU FOOKILOORII

Kabajamoo manguddoo gaaffiileen afaaniin armaan gaditti isiniif dhiyaatan qorannoo mata duree “Qaaccessa haala itti fayyadama jechoota lagu Oromoo kan Godina Arsii Aanaa Gunaa” jedhu waliin kan walqabataniidha. Kanaaf qorataan gaaffilee qorannoo kanaaf daran gargaaran jedhee isiniif dhiyeessee jira. Isinis gaaffilee kanneen bifa amanamummaa, qabatama akkasumas hubannoo qabdan irratti hundaa’uudhaan deebii sirrii gaaffilee isiniif dhiyaatan maraaf akka kennitan kabajaan isin gaafanna.

1. Uummanni Oromoo Aanaa Gunaa maal fa’a lagata?
2. Haasaa keessatti lagu yoo hin eeganne maaltu ta’a jettanii yaaddu?
3. Jechoonni lagu maqaan isaanii hin dhawamne kam fa’i?
4. Uummanni Oromoo jecha lagu kana akkamiin waama?

Galatoomaa

DABALEE 2

Jechoota lagu funaanaman

Jecha lagu

Manni gubate

Daa'inti yoo duute

Du'e (dhiiraaf)

Hiyyoome

Nama ijaan hin agarre(ballaa)

Nama gurraan hin dhageenne(duudaa)

Nafa saala dhiiraa

waraabessa

Booyyee

Durbummaa dhabde

Gudeede

Dubarri heerumte abbaa manaashee hin waamtu

Dubarri heerumte abbaa abbaa manaashee hin waamtu

Dubarri heerumte haadha abbaa manaashee hin waamtu

Ijoollen abbaa maqaan hin waaman

Ijoollen haadha maqaan hin waaman

Obboleessa abbaa

Obboleettii abbaa

Haadha abbaa ykn haadhaa

Abbaa abbaa

Udaane

jecha itti fayyadamamu

bishaan keessa yaa'e

daa,mti deebite

boqate

harka qal'ate

qaro dhabeessa

Ni dabarfata

Ulaan'ula

hadeeta

Abba guddaa

Sabbata hiikkatte,gudeedamte

Wajji ciise/hammate

isin

Aabboo

aayyoo

Aabboo ,

Aayyoo

Abba guddaa

adaadaa

Akkoo

Akaakayyuu

Gad taa'e

Hu**uu	Taa'umsa
Bakakkaa	Waan waaqaa
Dhuufe/te	Hafuura baafate/tte
Sareen yoo maraatte	Waan ufii kaafte
Ilmoo saree ni guddisan hin jedhamu	Ni xiqqeessan
Yoo haati warraa boqatte	Abiddatu dhaame
Nama sobu	Dubbii oofa
Nama hatu	Harka deema
Nama kajeelu	Harka nama laala
Nama boonu	Ofirra dhaabbata
Nama nama ajjeese	Harkatu tare
Qaama saalaa dubartii	shamee
Haqqisuu	Ol deebise
Maraattuu	Mataatu tuqame
Maseena	Dhabduu
Laguu	Duugda
Nadhoo	Beera
Dhibame	Faara dhabe

DABALEE 3

Gochoota lagu funaanaman

Mukni guddaan hin muramu

Mukni kichuun hin muramu

Bishaanitti hin fincaanamu

Gaaddisa jalatti hin fincaanamu

Eddo bareedatti kosiin hin haramu

Galgala manni hin qulqulleeffamu

Hangafti ykn manguddoon hin arrabsamu

Yoo hangafti alaa seenu quxisuun jalaa ka'a

Eddoon awwaalaa hin qotamu

Eddo awwaalatti boolii bahuun hin danda'amu

Bineensonni hin ajjeefaman

Daa'imman hin abaaraman

Dubartiin siinqee qabattee deemtu hin tuqamtu

Dubartiin dhiira dursitee laga guddaa hin ceetu

Muka harbuufi odaa hin bobeeffatan

Bineensi rimaa qabu hin ajjeefamu

Bineensa ykn wanta du'erran hin tarkaanfatan

Qaamni saalaa ga'eessaa harkaan hin tuqaman

Cidha ykn nama sirnaaf deemu hubboo qullaan
hin qaxxaamuran

Hangafa dura buna hin qabatan

Hangafa dura sirna hin dubbatan

Daa'imman hin kakachiifaman

Daandiirratti hin fincaanamu

Fira waliin qunnamtii raawwachuun
dhorkaadha

Dubartiin manatti da'uun laguudha

Nama biraatti hancufa tufuu

Nama biratti furrrii fudhachuu

Hangafa dura fuudhun laguudha

Hangafa dura heerumuun laguudha



IBSA

Ani qorataan maqaan koo armaan gadiitti ibsame waraqaa Qorannoo koo hojii dhuunfaa koo kanaan dura Yuunivarsiitii kamuu keessatti qorannoo eebbaatiif kan hin dhiyaanee ta'uufi wabiilee qorannoo kanaaf dubbise irraa fayyadame hunda isaanii wabiilee koo keessa kaa'uu nan mirkaneessa.

Maqaa qoraataa _____

Mallattoo _____

Guyyaa _____